


**QAACCESSA HAALA RAAWWII SHAAKALA DANDEETTII
BARREESSUU DAREE BARNOOTAA AFAAN OROMOO: MANA
BARNOOTAA SADARKAA LAMMAFFAA**

IRRATTI XIYYEEFFATE



Akkawaaq Jalduu Ifataa

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI
OGBARRUU BARSII SUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE
YUUNIVARSIITII JIMMAATTI KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA AFI
HUMAANITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG-
BARRUUF DHIYAATE**

ADOOLESSA, 2013

JIMMA, ITOOPHIYA

**QAACCESSA HAALA RAAWWII SHAAKALA DANDEETTII
BARREESSUU DAREE BARNOOTAA AFAAN OROMOO: MANA
BARNOOTAA SADARKAA LAMMAFFAAAANAA GUUTOO GIDDAA
IRRATTI XIYYEEFFATE**

Qorataa:-Akkawaaq Jalduu Ifataa

Gorsaa:-Alamaayyoo Faqqadaa (Ph.D)

Gorsaa Gargaaraa: -Taakkalaa Gammachuu (M.A)

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI
OGBARRUU BARSII SUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE
YUUNIVARSIITII JIMMAAKOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAIFI
HUMAANITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG-
BARRUUF DHIYAATE**

ADOOLESSA 2013

JIMMAA, ITOOPHIYAA

IBSA

Waraqaan qorannoo kun hojii qorannoo dhuunfaa koo ta'uusaafi bifa seeraan alaatiin hojii nama biraa irraa kan hin galagalfamne ta'uusaa akka ittaanutti mallattookootiin mirkaneesseera.

Qorataa:-Akkawaaq Jalduu Mallattoo: _____ Guyyaa: _____

Ani akka gorsaa hojii qorannoo kanaatti waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu akka ittaanutti mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Gorsaa:-Alamaayyoo Faqqadaa (PhD) Mallattoo: _____ Guyyaa: _____

Ani akka gorsaa gargaaraa hojii qorannoo kanaatti waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu akka ittaanutti mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Gorsaa Gargaaraa:-Taakkalaa Gammachuu Mallattoo: _____ Guyyaa: _____

Koree Qoree Mirkaneesse:

Qoraa Alaa:- _____ Mallattoo: _____ Guyyaa: _____

Qoraa Keessaa:- _____ Mallattoo: _____ Guyyaa: _____

AXAREERAA

Kaayyoon Qorqnoon kanaa shaakala madaallii dandeettii barreessuu Afaan Oromoo barattootaa irratti qaban kan xiyyeeffatudha. Gama bakkaatiin qorannoon kun kan xiyyeeffate mana barumsa sadarkaa 2^{ffaa} Ukkeefi Luugoottidha. Akkasumas, qorannoon kun mala qorannoo makoo ta'ee bifa addeessuutiin dhihaate. Kana malees, qorannoo kana keessatti barattoonni 64 dareewwan mana barumsaa dhaggeeffatama'uunirraa carraa keesaa Akkayyoon yoo fudhataman Barsiistonni afaan Oromoo barsiisan 4 immoo mit-carraan ragaa irraa funaanameera. Akkasumas, qorannoo kana keessatti meeshaaleen funaansa ragaalee kanneen akka afgaaffii fi bargaaffii, sakkatta'insa dookimaantii fi Daawwannaa irraa ragaa qabatamaa argachuuf yaalamee jira. Ragaaleen funaanamanis, mala qaaccessa ragaalee lakkoofsaafi jechaan qaaceffamanii dhihaatanii jiru. Kanneen lakkoosaan taa'an dhibbeentaatti jijjiiruun hiikni itti kennamera. Argannoon qorannoo kana barattoonni baay'een barreeffama Afaan Oromootiin barreessuu keessatti rakkoo qabaachuun isaanii ifatti mul'atee jira. Barattootni gilgaalaa fi shaakala dandeettii barreessuu isaanii madaalu kennameef seeraan itti fayyadamaa akka hin jirree bira gahameera. Kana malees, ilaalchi barsiisonni sirnaan shaakalchiisuufi hojiiwwan biroo hojii barreessuu waliin walqabatu irratti hojjechuurratti hanqinni akka jiru irra ga'ameera.

GALATA

Mata duree qorannoo kanaa filachuurraa eegalee,hanga xumura qorannoo kana xumurutti yaada qajeelchaa nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuun deeggarsa ol'aanaa kannaaf godhan gorsaa koo Dr.Alamaayyoo Faqqadaa guddiseen galateeffadha. Itti aansuunis,gargaaraa gorsaa/gorsaa aantee koo Taakkalaa Gammachuufi qoraa keessaa piroosofer Cimdii Waaqumaa, akkasumas namoota kallattii addaaddaan deeggarsa naaf godhan mara,barsiisotaafi gaggeessitoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Ukkeefi Luugoo baay'een galateeffadha.

Dhumarrattis, deeggarsa yaadaa, odeeffannoo ragaafi wantoota dubbifaman karaan argachuu danda'u kan haala naaf mijeessee fiixaan ba'insa wixinee koo kanaaf qooda ol'anaa naa gumaache hogganaa Mana Barumsaa Ukkee sadarkaa lammaffaa kan ture barsiisaa Baay'saa Dastaaf galanniifi ulfinni ani qabuuf adda. Hundaa ol garuu qorannoo kana nagaafi fayyaa naaf kennee kanaan na ga'e bultoofi jireenya fuulduraafis jalqabsiisee kan na xumursiise Waaqa Uumaa Uumamaaf galatni olaanaan haaga'u!

GABAAJEEWWAN

AED	Academy for Education Development
CCA	Continuous Classroom Assessment
ETP	Education and Training Policy
MOE	Ministry of Education
MWFDB	Madaallii Walitti Fufaa Dandeettii Barreessuu
NOE	National Organization for Examination
SFQBWI	Sagantaa Foyyaa'insa Qulqullina Barnoota Waliigala Itoophiyaa

Kottoonfachiistota

Sad	Sadarkaa
Lak	Lakkoofsa
San	saantiima
KKF	Kan Kana Fakkaatan

BAAFATA

Qabiyyee	Fuula
Axareeraa	I
GALATA	II
GABAAJEEWWAN	III
Kottoonfachiistota	IV
Gabateewwan	VII
SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannoo	3
1.3 Gaaffiilee Qorannoo.....	4
1.4. Kaayyoo Qorannichaa	5
1.4.1 Kaayyoo Gooroo	5
1.4.2 Kaayyoo Gooree.....	5
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa	5
1.6. DaangaaQorannichaa	6
1.7. Qindoomina Waraqichaa.....	6
1.8. Hanqina Qo'annichaa	6
BOQONNAA LAMA	7
SAKATTA'A BARRUUWWANII	7
2.1. Madaalliin Maali?	7
2.2. Shaakalli Madaallii Walitti Fufaa Maali?	8
2.3. Shaakalli madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu maaliif barbaachise?	9
2.4. Kaayyoo Shaakala Madaallii Walitti Fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu	10
2.5. Qajeeltoo Madaallii Walitti Fufaa	11
2.6. Amaloota Bu'uura Raawwii Shaakala Madaallii Walitti Fufaa	12
2.7. Akaakuuwwan Madaallii Walitti fufaa	13
2.7.1. Madaallii Seensaa /Ramaddii	13
2.7.2. Madaallii Sakatta'iinsaa.....	13
2.7.3 Madaallii Adeemsaa/ Barnootarraa.....	14
2.7.4. Madaallii Walitti Fufaa Xumuraa.....	15
2.8. Madaallii Afaaniifi Barreessuu	15
2.9. Madaallii Dandeettii Barreessuu	16
2.10. Sakatta'a Qorannoowwan walitti dhiyeenya qabanii.....	16
BOQONNAA SADIH	19
MALLEEN QORANNICHAA	19

3. 1. Saxaxa Qorannichaa	19
3.2. Irraawwatama Qorannichaa	19
3.3. Madda Ragaa	20
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu	20
3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname	21
3.5.1. <i>Sakatta'a Dookmentii</i>	21
3.5.2. <i>Daawwannaa Daree</i>	22
3.5.3. <i>Bargaaffii</i>	23
3.5.4. <i>Af gaaffii</i>	23
3.6. Naamusa qorannichaa	23
3.7. Tartiiba Odeeffannoon Ittiin Funaaname	23
3.8. Mala Odeeffannoon ittiin qaaccessame	24
BOQONNAAAFUR	25
Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii fi Af-gaaffiin Funaanaman	25
Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan manneen barnootaa filataman keessatti shaakalli madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu irratti haala kamiin hojii irra akka oolaa jiru sakatta'uun qaaccessuudha. Haaluma kanaan, sakkatta'insa Dookimantii, Daawwannaa, Bargaaffii, Afgaaffii duraa duubaan xiinxalamaniiru.	25
4.2 Xiinxala ragaalee Af-gaaffii	34
BOQONNAA SHAN	41
GUDUUNFAA FI YABOO	41
5.1. Guduunfaa (Conclusion)	41
WABIILEE.....	44

Gabateewwan

Gabatee 4. 1, Bargaaffii barattoota mana barumsaa sadarkaa Lammaffaa Aanaa Guutoo Giddaa, 2021. -----	.27
Gabatee 4. 2, Bargaaffii barataan yemmuu of-madaalu, 2021 -----	30
Gabatee 4. 3, Rakkoo Barreessuu Irratti Mul'ate-----	32

BOQONNAA TOKKO

SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Barumsa qulqullina qabu gahumsa barattootaa kutaa jiran keessatti qaban mirkaaneffachuuf kaayyoon barumsaa galma ga'uufi galmaan gawuu dhabuu isaa toftaalee ittiin mirkaneessinu hedduun jiraatan illee isaan keessaa haalli raawwii shaakala madaallii walitti fufaa isa hangafaadha. Akka Richards fi Schmidt, (2002, f.118) ibsanitti, "Continuous assessment is an approach to assessment in which students are assessed regularly throughout the program rather than being given a single assessment at the end. This is thought to give a more accurate picture of student achievement." Yaada kanarraa kan hubannu madaallii walitti fufaan, bu'aa hojii barataa madaaluuf tooftaa madaallii xumura qabiyyee qabiyyee irratti al-tokko fudhatamurra adeemsa baruu-barsiisuu guyyaa guyyaan taasiifamu hordofuun kan walitti qabame dha.

Haaluma wal fakkaatuun, biyyi keenya Itoophiyaanis imaammata barnootaa haarawa bara 1986 baafatte kana galmaan ga'uuf jijjiirama gama barnootaan jiru guyyaa guyyaadhaan galmeessisan hordofuuf barbaachisummaan raawwii shaakala madaallii walitti fufaa wal nama hin gaafachiisu. Bu'uuruma kanaan mala saayinsaawaa deeggaramuun haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni fayyadaman irratti bu'aa barattootni galmeessisan madaaluuf dhibbeentaa afurtama karaa madaallii barnoota irraa/formative assessment madaalamu irratti hundaa'e gaggeeffame. Kan kana mirkaanessu, haala saayinsaawaa ta'een barsiifameefi madaallii saayinsaawaa ta'een deeggaramee barsiifame galma yaadameefi barbaadame ga'uun danda'ama. Kellaghan, (2001).

Madaalliin mala yookiin tooftaa ga'een ijoo barattootaa barumsa keessatti maalture kan jedhuufi jijjiirama barattootni mul'isan beekuuf odeeffannoo ittiin sassaabbachuuf hordoffii taasifamudha. Kana malees, barsiisotaaf adeemsa baruu barsiisuu keessatti bu'aa argame beekuuf, hubachuufi haala barsiisuu isaanii of madaaluun kan itti foyyeeffatanidha. Akka Cone and Foster, (1991, f.73) ibsanitti, "Good measurement resulting in accurate data is the foundation of sound decision making." Madaalliin bu'aa barataan tokko galmeessise safaruuf akkasumas, waa'ee barataa sanaaf murtii kennuuf

gargaara. Akka Moyefi Adediwura,(2010) ibsanitti,madaallii walitti fufaan barataafi mana barumsaa bu'aafi faayidaa qabeessa taasisuuf haala haqummaafi amanamummaa ta'e irratti hundaa'uun gaggeeffamuu qaba.Kunis, yoo kanneen dhimma kanarratti hojjetan barsiisaa, ogeessa deeggarsa barnootaa, bulchiinsa barnootaafi kkf hundi haala raawwii kenniinsa shaakala madaallii walitti fufaa irratti hubannoo gahaa yoo qabaatanidha. Kana yommuu, jedhamu barataan xiyyeeffannoon kan yaadrimee akka uummatu, qindeeffatuufi sammuu keessatti kuufatee dhimma itti bahuufi qabatamaan itti fayyadamaa kan isa taasisu ta'uudhaa qaba.

Madaallii haala kanaan gaafa ilaallu dandeettiiwwan afaanii sirrii ta'e gonfachiisuuf, barsiisuufi madaaluun walitti dhufeenya qabu.Kana jechuun mala barsiisuu, beekumsiifi madaalliin walqixa ta'uu qabu.Akkasumas madaalliin waan barsiisnee dabarre tokko duubatti deebinee milkaa'ina hojii keenyaa kan ittiin beeknuufi foyyeessinu galma barbaadame ga'uuf nu gargaarudha; darbees adeemsiifi hirmaannaan barataa dammaqaa (active) akka ta'etti fudhatama. Ethiopian National Organization for Examination (NOE,1995/2014,f.5).

Madaallii walitti fufaan bu'aa barataan tokko galmeessise safaruuf akkasumas, waa'ee barataa sanaa murtii kennuuf gargaara.Akka Harleen,(2008),Airasianfi Russell,(2007) jedhanitti immoo, sochiin odeeffannoo funaanuufi yaad-deebii kennuu haala qabatamaa baruu-barsiisuu foyyeessuuf taasifamu skaakala madaallii walitti fufaa jedhama. Madaalliin adeemsa barsiisuufi gochaalee barattootaa fooyyessuuti.(Blankfi William,(1998)fi Cohen,(2000).Madaalliin waa'ee barattootaa irratti odeeffannoon sirrii ta'eefi haqummaa qabu yoo funaaname, milkaa'inni hojii barattootaa akka hubatamu taasisa. Kunis, barsiisonni xiyyeeffannoon akka barsiisan kan gargaaruufi odeeffannoo funaaname irratti yaad-deebii sirrii ta'e barattootaaf kennuun fooyyaa'iinsa qabxii barattootaatiif adeemsa baruufi barsiisuu akka fooyyeeffataniif tajaajila.

Karaa gara biraan yaaduma kan deeggaru hayyuuleen,Moyefi Adediwura,(2010,ff.29-30) ibsanitti“madaalliin walitti fufaa barataafi mana barumsaa bu'aa qabeessaafi fayyadu taasisuuf haala haqummaafi amanamummaa qabu ta'e irratti kan hundaa'e ta'uufi ittiin gaggeeffamuu qaba;Madaalliin yoo haqummaafi amanamummaa of keessaa dhabe murtiiwwan bu'uura madaalliin irratti fudhataman kamiyyuu bu'aa nidhabsiisa” jedhu.Barsiisota isaaniin akka barattootni raawwii shaakala madaallii walitti fufaa irratti hubannoo gahaa argachuu qaban gochuun barbaachisaadha akka yaada jedhuuti.

Yaaduma karaa biraan hayyuu Brookhart,(1994) yoo ibsu adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti ragaa madaallii barattootaa walitti qabuuf barsiisonni tooftaalee sadii akka fayyadaman eeru.Kunis,gahumsa barnootaaf murtee yaad-deebii kennuu caalaa barattootaaf madaalliin walitti fufaafi yaad-deebii madaallii xumuraatiin ragaan walitti qabamuu akka qabu ibsa. Kanaafuu madaallii walitti fufaan adeemsa barachuufi barsiisuuf, qabatama barnootichaa keessatti bu'aa qabeessa taasisuuf sadarkaa barnoota barattootaa kamiyyuu keessatti xiyyeeffannaan itti kennamuun gaggeeffamuu akka qabu Education and Training policy of Ethiopia,(1994) ibsee jira.

Dandeettii hubannoo gadi fageenyaan galmaan gahuu ilaalchisee imaammatichi yommuu dabalataan ibsu, kaayyoo barbaadame galmaan gahuuf haalli raawwii shaakala madaallii walitti fufaa keessa darbamuu akka qabu addeessa.Dandeettiwwan afaaniifi karaalee dandeettiin afaanii ittiin gabbatan mara fayyadamuun malleen addaaddaafi madaalliin adeemsa baruu barsiisuu keessaatiin gargaaramuun kaayyoo barnootichaa milkeessuuf yommuu barnootni gaggeeffamuuf jedhu,gaggeeffamaa jiruufi erga gaggeeffamee raawwatee booda madaallii walitti fufaa gargaaramuun ga'umsa barattootaa cimsuuf baay'ee fayyada.

Keessumaa dandeettii barreessuu barattootaa tooftaa haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa hedduu ta'een madaalamuun tilmaama barattootni bu'aa gaarii galmeessisuuf carraaqqii taasisan akka mul'isan carraa kennaaf.Barattootni yeroo baay'ee gochaalee hojii qabatamaa gadi bahanii hawaasa jiraatan keessatti kallattiin adeemsaafi maloota fayyadama:hojii daree ,manaa, garee, gochaalee, afgaaffii, piroojektiifi kkf hunda ga'umsaan akka of danda'anii hojjetan taasisa. Kuniimmoo, ragaan madaallii walitti fufaa yoo gaggeeffameefi sirnaan walitti qabamedha.Bu'aan dandeettii madaallii walitti fufaa Afaan Oromootiin barreessuu irratti hojjechuuf barsiisonni haala walfakkaataa otoo fayyadamanii bu'aa gaariin dhaloota qaru dhufuu danda'a.Yaaduma kana qabatamaan mirkaanessuuf,AED(TESO,2003) wabeeffachuun ibsetti,biyya tokko keessatti qulqullina barnootaa fooyyeessuuf faayidaa madaallii daree barnootaa qabu xiyyeeffannaa kennuun cimsee kaaseera.Madaalliin daree barnoota afaanii haala baru-barsiisuu guyyaa guyyaatti raawwatamuufi kaayyoon barnoota barbaadamee galma gahuu isaa hordoofuuf fayyada.Baru-barsiisuu keessatti madaallii daree barnoota Afaanii dhimmoota adda addaatiif fayyada.

Qorataanis kanuma irraa ka'uun gosa barnootaafi daree barnoota Afaan Oromoo keessatti barsiisonni yommuu madaallii walitti fufaa Afaan Oromootiin barreessuu keessatti adeemsisan haalota akkamiin, tartiiba akkamiin, akka fayyadamaniifi hojiirra oolchan keessatti gufuuwwan jiran qaaccessuun qorate.

1.2. Ka'umsa Qorannoo

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti bu'aa barattootni galmeessisan mala madaalliifi hordoffii barsiisotni isaanii murteessaniifi fayyadamaniin ta'a. Akka Dasalegn, (2004) ibsetti, kaayyoon barnootaa haalaafi yeroo barbaachisaa ta'etti akka galmaga'u, adeemsi baruu barsiisuu qulqullina qabuufi haala madaallii walitti fufaan tokko qabu eegee akka deemmu barbaadamee sadarkaalee barnoota adda addaatiif akaakuu barnoota daree Afaan Oromoof madaallii walitti fufaa garagaraa fayyadamuun gahumsa barattootaa addaan baasuun bu'aa barattootni galmeessisan beekuun barbaachisaadha.

Yaaduma kana ka'umsa godhachuun qorataan muuxannoo waggoota digdama aanaa kana irra kan barsiise, ammas achuma kan barsiisaa jirufi muuxannoo qabu irraa ka'uun, barsiisonni manneen barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} Ukkeefi Luugoo keessatti argaman haalli raawwii shaakala madaallii walitti fufaa Afaan Oromoo barsiisan bu'aa beekumsaafi qabxii barattootaa fooyyessuu keessatti barattoota isaanii madaaluuf tarsiimoo haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa haala walqabatamaa ta'een kan hin fayyadamne ta'uu hubateera.

Kana malees, akka hubannaa qorataatti kaayyoo barachuu dandeettii barattootaafi qabxii barattootaa fooyyeessuuf haalli shaakala madaallii walittifufaa Afaan Oromootiin barreessuu waliin walqabatee haala walittifufiinsaafi milkaa'ina qabuun fayyadamaa jiraachuu isaanii irratti akka waliigalaatti yemmuu ilaalamu beekumsii dandeettiin isaan barnoota Afaan Oromootiin barreessuurratti qabaniifi qabxii isaan barnoota kanaan galmeessisan sadarkaa irra jiran irratti gahaa kan hintaaneefi gadi bu'aa waan ta'eef shakkii qaba. Dabalataanis, kutaa barnoota afaan Oromoo keessatti ,barsiisonni haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa dandeettii barattootaafi qabxii isaanii fooyyeessuu hojiirra oolchuuf tarsiimoo adda addaa fayyadamuu irratti hir'ina mul'ate duuchuuf.

Madaalliin sakatta'a ga'umsaafi sadarkaa daree keessatti adeemsa baruu barsiisuun irra jirudha. Capper, (1996). Kanaafuu, manneen barumsaa kana keessatti bu'aan barattootni galmeessisan madaalliifi hordoffii tarsiimoo barsiisonni isaanii fayyadamaniin murtaa'a.

Kaayyoon qorannoo kanaas inni guddaan mana barumsaa Ukkee sadarkaa 2^{ffaa} fi Luugoo sadarkaa 2^{ffaa} keessatti barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan, haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa walitti fufiinsa qabu sirnaan hojiirra oolchuuf fayyadaman, hojiirra oolchuuf yoo gufuuwwan jiran qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

Qorannoon kun yaadxina ijaarsaa irratti bu'uureffachuun shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan daree barnootaa keessatti fayyadaman kan qaaccessu ta'a. Sababii guddaan qorannoon kun haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa Afaan Oromootiin barreessuu irratti xiyyeeffateef ga'umsi barattootaafi qulqullinni barnootaa gosa barnoota Afaan Oromoon haalli shaakala madaallii walitti fufaa afaan Oromootiin barreessuu isaa sirna barnootaa biyyattii waliin sadarkaa isaa eeggatee, ammayyaa'aa ta'ee barataa Afaan Oromoon ga'umsa qabu oomishuun guddina afaanichaafi ga'umsa barataan kutaa barachaa jirutti qabaachuu qabu mirkaanessuun waan danda'amuufi; Jechi madaallii jedhu hiikkaa garagaraa qaba. Kunis, adeemsa barsiisonni barnoota barsiisan irratti barattootaaf gatii kennuuf taasisaniin walqabata. Akka Conefi Foster, (1991, f.73) ibsanitti, "Good continuous classroom assesment resulting in accurate data is the foundation of sound decision making."

1.3 Gaaffiilee Qorannoo

Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaa dhuma qorannoo kanaatti deebii argatu jedhamanii yaadaman warren armaan gadiiti.

1. Haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni Manneen Barnootaa lamaan keessatti raawwatan hagam dandeetti barreessuu irratti xiyyeeffata?
2. Barsiisonni Manneen barnootaa lamaan kana keessaa akaakuu madaallii dandeettii barreessuuf ta'u maalfaatti fayyadamu?
3. Dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti yaaddeebii kennuu irratti hammama xiyyeeffannaa kennu
4. Madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuu yeroo barsiisan hojiirra oolchuuf kan hudhaa ta'an maal faa'a?
5. Qabxii dandeettii barreessuu barattootaa bifa walitti fufaa ta'een haala akkammiin galmaa'a?

1.4. Kaayyoo Qorannichaa

1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon goeroon qorannoo kanaa haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu barsiisonni Manneen Barnootaa Aanaa Guutoo Giddaa sadarkaa 2^{ffaa} gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisan daree barnootaa keessatti gargaaraman qaaccessuudha.

1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kun kaniinnirratti xiyyeeffatu akka armaan gadiin taa'eera. Akaakuu haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni daree barnootaa keessatti gargaaraman adda baasuu ta'us, kayyoowwan xixiqqoo hedduuf kan adeemsifamu ta'a. Kaayyoowwan kunneenis akka armaan gadiitti qindeeffamanii ka'amaniiru.

I. Akaakuu shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni Manneen Barnootaa sadarkaa 2^{ffaa}

Aanaa Guutoo Giddaa Barnoota Afaan Oromoo barsiisan fayyadaman ibsuu.

II. Gosa Madaallii Walitti fufaa dandeettii barreessuu gabbisan ni tarreessu.

III. Hojiirra oolmaa shaakala madaallii walitti fufaa keessatti barbaachisummaa duubdeebii ni addeessu.

IV. Kenniinsa madaallitti fufaa keessatti shaakala dandeettii barreessuutiif wantoota gufuu ta'an ni addeessu.

V. Shaakalli madaallii dandeettii barreessuu erga hojiirra oolee booda hordoffii taasifameen jijjiirama mul'ate ni ibsu.

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barattootni tooftaafi mala kallattii adda addaan dandeettiinwan afaanii gabbifachuuf shaakalaafi gochaawwan qabatamaa gonfatanii akka itti gargaaramaniif madaalliin walitti fufaa qabxiis ta'e, gahumsa filatamaa ta'e fiduuf karaa saaqaa. Kanaaf, bu'aa qorannoo kanaatti namoota dhimma barnootaa irratti hojjetan addaddaa itti fayyadamuu danda'u. kana yommuu jedhu barsiisonni, suppevaayizeroonni, ogeessotni barnootaafi namoonni dabalees akka wabiitti itti dhimma ba'uu danda'u.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Godina Wallaggaa Bahaa, Aanaa Guutoo Giddaatti Mana barumsaa Ukkee Sad. 2^{ffaa}fi Luugoo sad.2^{ffaa}tti gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisan beekumsaafi dandeettii barattoota foyyeessuuf gama haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu akkamitti akka fayyadamaa jiran irratti hojjetaniifi hojjechuu dhaban irratti dha. Sababa haala kanaan daanga'eefiis qorataan bakka kanatti rakkoon mul'achuu waan hubateef. Akkasumas bakki hojii ijoo barsiisonni barattoota isaaniif ka'umsaafi kufaatii hojii baruufi barsiisuu ta'ee mul'ateef filannoo keessa kan galchate waan ta'eefi. Itti dabaluunis manneen barnootaa kana keessatti kanneen barsiisan barsiisota hunda kan hin dabalannee yommuu ta'u barsiistota afaan barsiisan qofa irratti kan daangahe dha.

1.7. Qindoomina Waraqichaa

Qorannoon kun boqonnaa gurguddaa shanitti of jalatti hammatee ijaarame. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seenduubee qorannoo, ka'umsa qorannoo, Gaaffiilee qorannoo, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisummaa qorannichaafi daangaa qorannichaa ta'u. Boqonnaa lamaffaa keessatti immoo sakatta'a barruuwwan walfakkiifi Qorannoo wwan walfakkii of keessatti qabachuun qindaa'e. Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannoo jechuunis saxaxa qorannoo, Irraawwatama qorannichaa, Madda ragaa, Iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman, naamusa qorannoo, tartiiba odeeffannoon ittiin funaanamuufi mala qaaccessa ragaalee haammachiisuun qindaa'e. Boqonnaan Afur qaaccessa odeeffannoo ragaaleef sassaabamanii of keessaa qaba. Boqonnaa shanaffaan immoo cuunfaa, goolabaafi yaboo hammachiifamuun qindaa'e.

1.8. Hanqina Qo'annichaa

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu hanqinoonni adda addaa qorataa mudachuu danda'u. Dhimma kana ilaalchisee qorataan yommuu qorannoo gaggeessaa turetti hanqinoonni mudatan jiru. kanneen keessaas, ijoo Hanqina Yeroo: kunis, sababa dhukkuba koronaa/kooviid 19 wayitiin barnootaa waan hir'ateef fknf wayitiin Barnootaa Afaan Oromoo torbeetti tokko ta'uun dabalataan dhimmoota adda addaan wayitiin waan gubatuuf qabiyyee xumuruuf, isa gubatu bakka buusuuf daree seenanii daawwachuuf carraan dhiphaa ta'uu. Dabalataanis, Qorannoo bal'aa akkasii gaggeessuuf muuxannoo dhabuudha. Waluumaa gala hanqinoota qorataa mudatan kana yeroo ofii aarsaa gochuuniifi haalaan fayyadamuun deeggarsa gorsitootni isaa taasisaniifiin keessa baheera.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'A BARRUUWWANII

2.1. Madaalliin Maali?

Madaalliin mala yookiin tooftaa shoorri barattootaa barumsa keessatti maalture kan jeduufi jijjiirama barattootni gonfatan beekuuf odeeffannoo ittiin sassaabbachuufi hordoffii taasifamudha. Kunis, hordoffii barsiisaan barattoota isaatiif taasisu keessatti yommuu barbaachisummaa qabxii galmeessu/ga'umsa argamsiisa jedhutti amane galmeessuu danda'a. Karaa biraatiin immoo, madaalliin adeemsa sirnaawaa ta'ee, kan sirna barnootaa tokko keessatti kaayyoon barnootichaa galma ga'uufi ga'uu dhabuu isaa barataafi barsiisaan tooftaa ittiin mirkaneeffatanidha. Desalegn, (2004).

Madaalliin dirqama walitti dhufeenya barsiisaafi barataa gidduutti uumuun barataan maal akka hojjetuufi akkamitti hojjechuu akka qabu kan itti ibsamudha. Kun immoo kan mul'isu gahumsa barataan qabu ofeeggannoon hordofuuf gargaara. Madaalliin kan raawwatamuu qabu barattootniifi barsiisonni carraa odeeffannoo itti argatan uumuun bu'aa isaanii addaan baasuuf kan gara fuulduraatti isaan gargaaru yookiin fayyadudha. Plessis et al, (2003) fi Nitko, (2004)

.Akkasums, karaa ittiin barattootni maal akka beekan hubataniifi maal hojjechuu akka danda'an itti qoratudha. "Kanaafuu madaalliin sirna barnootaa galmaan ga'uufi hojiirraolchuuf wanoota barbaachisan keessaa isa tokkodha". Madaalliin akka barruun ministeera barnootaa ibsutti adeemsa kaayyoo murtaa'aa tokkoof odeeffannoo funaanuu jechuudha MoE, (2011).

Labsiin Ministeera Barnootaa Itoophiyaa MoE (2010) akka ibsetti, madaalliin barnoota irraa qulqullina barnootaafi duufis ta'e, adeemsa barbaachisu fooyyeessuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Barsiisonni iddoo rakkoon jiru adda baasuun barattootaaf akka gargaarsa barbaachisaa godhan gargaara. Barnoonni sadarkaa kamittuu madaallii barnoota irraa akka kennamu murtaa'ee, madaalliin kun fooyya'iinsa sirna barnootaafi gumaacha guddaa kan godhu ta'uunis ibsame. Akka Kapambwe, (2006) jedhutti madaalliin odeeffannoo waa'ee barattootaa funaanuus ta'e cimsuuf, beekumsa barattootaa fooyyessuufi barattootni kaayyoo barnootichaa galmaan ga'uufi dhiisuu isaanii addaan baafachuuf kan gargaarudha. Madaalliin sakatta'a ga'umsaafi sadarkaa daree keessatti adeemsa baruun barsiisuun irra jirudha. Capper, (1996). Haala kanaan

madaalliin adeemsa odeeffannoo funaanuun, xiinxaluufi ibsuun kan murtii kennuuf nama gargaaru dha. Airasian,(1997) Akka jedhutti barattoota dhugaan barataniifi hinbaranne addaan baasuuf yeroo walitti fufaaf madaalamuu irrajira.

2.2. Shaakalli Madaallii Walitti Fufaa Maali?

Hayyoonni adda addaa akka ilaalcha isaaniitti shaakalli madaallii walitti fufaaf hiika adda addaa kennanii jiru. Adeemsa Odeeffannoo walitti qabuu, qiindessuu fi hiikuuti. Airasia,(1997). Odeeffannoon kunis, Karaa battallee, abbaltii dhuunfaa, yaalii, daawwannaa, callaqee, afgaaffii, piroojektii, barreessisiisuufi kkf walitti qabamuu danda'a.

Akka Richards and Schmidt,(2002:118) ibsanitti, "Continuous assessment is an approach to assessment in which students are assessed regularly throughout the programme rather than being given a single assessment at the end. This is thought to give a more accurate picture of student achievement." Yaada kanarraa kan hubannu shaakalli madaallii walitti fufaan, bu'aa hojii barataa madaaluuf tooftaa madaallii xumura irratti al tokko fudhatamurra adeemsa baruu barsiisuu guyyaa guyyaan taasifamu hordofuun kan walitti qabamudha. Kunis bu'aa barattootaa sirriitti mul'isuu akka danda'u kan ibsudha. Akka Falayalo(1986) ibsetti, madaallii walitti fufaan foyyaa'insi barataa kan ibsamuu danda'u qabxii xumuraa murna yaad-xiinsammuu barataaf kennamu, murna ilaalchaa (kaka'umsaafi fedhii) gocha tokko raawwachuuf qabuuf murna sochii qaamaa sammuu dandeettii barataan gocha tokko harkaan xuxxuquunraawwatu (barreeffama, ijaarsa, afgaaffii, fakkeessuu, akkeessuu, kalaquu, proojektii) madaaluuf fayyada jechuun ibsee jira. Madaallii tokko jijjiirama yaad-qalbii barachuun dhufu iyyaafachuuf meeshaa madaallii isa biraa caalaa bakka itti bu'aa qabeessa ta'u jira. Fakkeenyaaf sadarkaa 2^{ffaa}tti irra caalaa dhugaa/sobaafi filannoo irra barreessii dandeettiifi ga'umsa barattootaa irratti jijjiiramafiduuf filatamaadha.

Akka ibsutti Madaalliin foyyaa'insa barataa qajeelchuuf, barattootni dogongora isaaniirraa akka baratan gargaaruuf, barsiisuun akka gaariitti deemaa jiraachuu isaa beekuuf, duubdeebii kennuuf, bu'aawwan barachuu yaadaman gara qabatamaatti jijjiiramuu isaanii mirkaanessuufi kkf gaggeeffama jechuun ibsee jira. hiikni inni biroo hayyuu Baker(1991) kenname, shaakalli madaallii walitti fufaan fedhiifi kaka'umsa barataan qabu, gochaa tokko raawwachuufi faajee keessa darbu akkasumas hojii tokko raawwachuuf ga'umsa dhuunfaa qabu ifa baasee mul'isuuf madaallii idilee keessatti

gahee qabaachuu isaa ibsee jira. Kana malees shaakalli madaallii walitti fufaan jijjiirama barataan tokko mul'ise ragaa qabatamaan kan agarsiisudha.

Hiika hayyootni addaddaa kennan kanneen irraa akka hubachuun danda'amutti shaakalli madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu mala yookaan tooftaa qoodni barattootaa barumsa keessatti maalture kan jedhuufi jijjiirama barattootni fidan beekuuf odeeffannoo ittiin sassaabbachuuf hordoffii taasifamudha. Barsiisotaaf ammoo adeemsa baruu barsiisuu keessatti bu'aa argame beekuuf hubachuufi haala barsiisuu isaanii of madaaluun kan itti foyyeeffatanidha.

2.3. Shaakalli madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu maaliif barbaachise?

Madaalliin sirna barnootaa galmaan ga'uufi hojiirra oolchuuf wantoota barbaachisan keessaa isa tokkoodha. Yeroo ammaa Sagantaa Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Walii gala Itoophiyaa (SFQBWI) keessatti qulqullina barnootaa mirkaneessuuf akka ka'umsaatti madaallii daree barnootaa fayyadama (AED, 2006). Dabalataanis, akka AED (TESO, 2003) wabeeffachuun ibsetti, biyya tokko keessatti qulqullina barnootaa fooyyeessuuf faayidaa madaallii daree barnootaa qabu xiyyeeffannaa kennuun cimsee kaaseera. Madaalliin daree barnoota afaanii haala baru-barsiisuu guyyaa guyyaatti raawwatamuufi kaayyoon barnoota barbaadamee galma gahuu isaa hordoofuuf fayyada. Baru-barsiisuu keessatti madaallii daree barnoota Afaanii dhimmoota adda addaatiif fayyada.

Akka Plessis et al (2003) fi Chilora, H. (2003) ibsanitti, madaalliin walitti fufiinsa darree barnootaa keessatti kennamu faayidaa hedduu qaba. Inni duraa, odeeffannoon funaanamu adeemsa baruu-barsiisuu keessatti gaaffilee armaan gadii deebisuuf gargaara. Kunis: karoorri barsiisuuf ani qopheeffadhe garee barattootaa kaanaaf hangam mijaawaadha? Adeemsi baruu-barsiisuu akka milkaa'uuf barattoonni haala kamiin garee ijaaroo qabu? Barumsa haaraa tokko jalqabuuf waa'ee mata-duree haaraa barattoonni hangam qophii qabu ykn maal beeku? Amalliifi fedhiin garee barattootaa mala baru-barsiisuu akkamiitiif mijaa'a? Barattoonni waan baratamuu qabu hammam hubachaa jiru? Bakka kamitti irra deebi'ani barsiisuun barbaachisa? Dogoggorri barattoonni irra deddeebi'anii agarsiisan maal faati? Barattoonni suuta galoon eenyu fa'a? Barattoonni gargaarsaafi gorsa addaa barbaadan eenyufaati? Barattoota kam faatu of hubannoo gaarii hin qaban? Qabxii akkamiitu barataa kamiif kennamuu qaba? Barattoota kamtu daree

irraa gara dareetti darbuu qaba? Hojiin barsisuu koo hagam bu'a qabeessa ture?Gaaffilee jedhamaniif deebii deebiisuuf gargaara.

Kanamalees,tajaajila gaayidaansiifi kawunsilingii kennuu keessatti odeeffannoon dandeettii,fedhii,hubannoofi amaloota saansaka barattoota ilaalchisee madaallii argamu irraa barsiisaan rakkina isaan barumsaafi ogummaa keessatti qaban,filaannoo toora barumsaa irratti godhan,dhuunfaafi hawaasummaa qaban irratti akka gargaaru dandeessisa.Akkasumas, bulchiinsa barumsaa keessatti odeeffannoon waa'ee barattoota funaanamu bulchitoonni mana barumsaa hojiin barumsaa haala barbaadameen raawwatamuu isaafi kaayyoon barbaadames argamuu isaa mirkanessuuf, jabinaafi laafina sirna barnootaa mana barumsaa baruuf, dadhabina hubatame dhabamsiisuuf, sagantaa addaa mana barumsaa keessatti eegaluuf, murtii bulchiinsaa kan akka barattoota filachuu, ramaduu, dandeettiin hiruufi daree dareetti dabarsuuf akka danda'an gargaara. Chilora,H.(2003).

Faayidaan madaallii inni biroo madaallii gaggeessuuf tajaajila.Madaalliin barsiisuun dura, wayitii bariisuu barsiisuun booda gaggeeffamuu danda'a.Baruu barsiisuu keessatti madaalliin kan gaggeeffamuuf kaayyoolee adda addaatiif.Fakkeenyaaf, ciminaafi jabina barattoota beekuun gorsa kennuuf, kaayyoon barannoo galma gahuu isaa mirkaneessuuf, kutaarraa kutaatti darbuu barataa mirkaneessuuf, barumsa sadarkaa isaa eegate barattootaaf kennuuf, gahumsa qabaachuu sagantaa barnootaa tokkoo mirkaneessuuf, galma gahiinsa kaayyoo barnootaaf qabatamtoota gufuu ta'an beekuufi dandeettii barattoota addeessuudha.Hopkinsfi Harris,(2000).Walumaa galatti madaalliin bu'a qabeessa ta'e sirna barnootaafi baruu barsiisuu wajjin kan walsime ta'uufi walsimannaan gidduu isaanii jirus adeemsa baruu barsiisuu milkeessuuf barsiisonni daree barsiisan keessatti shaakala madaallii walitti fufaa gargaaramuun dandeettii barreessuu barattoota isaanii madaaluun barbaachisaadha.

2.4. Kaayyoo Shaakala Madaallii Walitti Fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu

Madaalliin walitti fufaa barattoonni barnoota isaanii haala qulqullina qabuun akka barataniif humna guddaa kan qabudha.Kanaafuu, madaalliin akkaataa kaayyoo isaatiin yoo qindaa'ee qophaa'e, haalli baruu barsiisuu daree barnootaa keessatti argamun fooyya'a.“Classroom-based assessment has tremendous potential to enhance student

learning. When assessment is designed with purpose, learning for all students can improve” Kellaghan, (2001).

Akka yaada kanaatti kaayyoon shaakala madaallii walitti fufaa fayyadama isaa keessatti baay'ee murtaa'aadha. Kaayyoon madaallii barnoota fooyyessuuf, haala barataan itti baratu fooyyessuuf, qabiyyee barnootaa to'achuuf, Afaan barsiisaniin maal hojjechuun akka irra jiru addaan baafachuuf, adeemsi baruu barsiisuu sirrii ta'uuf dhiisuu imaammata barnootaa waliin wal bira qabuun sakatta'uuf, barattoota kutaa gara kutaatti dabarsuuf, barattoota sadarkaan kaa'uuf, akkasumas qabxii barattootaa ol guddisuuf, darbees sagantaa mana barnootaa irratti murtee kennuuf kan adeemsifamudha. Akka yaada armaan oliitti barsiisaan kaayyoo hedduuf barnoota keessatti madaalliin walitti fufaa adeemsisuun danda'ama.

Walumaa galatti qorannoon kun, xiyyeeffannoon isaa inni guddaan barsiisuun akka fooyya'u taasisuu, barnoota guyyaa keessatti hordoffii barattootaa ilaaluu, ciminaafi dadhabina barataa tokkoo baruuf, dandeettii ittiin safaruudhaafi.

2.5. Qajeeltoo Madaallii Walitti Fufaa

Qajeeltoo Shaakallii madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuuf beektota xiinsammuu irraa akka qaama mala barsiisuu tokkootti kan fudhatame dha Hopkins and Harris, (2000) akka armaan gadiitti golabuun ibsaniiru.

2.5.1. Adda baasuu:-Barsiisonni barattoota isaanii maal akka barbaadan adda baasuun beekuu qabu. Kuni ammo carraa dandeettii barachuu barattootaa tokkoon tokkoo isaanii daree isaanii keessatti qaban beekuuf gargaara.

2.5.2. Kaayyoo:-Barsiisonni waa'ee gochaalee tokkoon tokkoo barnootichaaf akka walii galaatti sagantaa barnoota afaanii kaayyoo barachuu qabu yaada ifaa ta'e qabaachuu qabu.

2.5.3. Ga'umsa:-barnoota afaanii odeeffannoo dhugummaa qabu argachuuf tooftaa madaallii addaddaatti gargaaramuu qaba. Barattootaaf carraa addaddaa kennuun barnoota baratan ibsuufi qabiyyee barnootichaa hubachuun akka sirriitti beekan isaan gargaara (Isuma).

2.5.4. Ulaagaa Madaallii Waljijjiiruu: Akka Hopkins fi Harris, (2000) ibsanitti, barsiisonni barattoota isaanii gidduutti ulaagaa madaallii waljijjiiruu akka taasifamu gochuu qabu.

2.5.5.Duubdeebii:- Shaakala madaallii walitti fufaaf isa baay'ee barbaachisoo ta'eefi mana barnootaa keessatti barattootni hangam akka beekaniifi barsiisota isaaniirraa hangam fayyadamoo akka ta'an kan ibsudha.Kanarraa ka'uun barattootni dandeettii isaanii foyyeeffachuuf maal gochuu akka qaban kan isaan akeekudha.

2.5.6.Calaqqee Dhuunfaa:Barattootni barnoota barataniin ofiiisaaniitiin carraa waa kalaquufi ga'umsa gonfatan fayyadamuun calaqqee isaanii ibsuu akka danda'aniif kan fayyadudha.Dabalataanis, qajeeltoowwan mala dhahinsota barsiisaan yeroo shaakala madaallii walitti fufaa daree barnootaa keessatti beekuu qaban kanneen akka:maal akka beekan, maal akka hubataniifi maal akka raawwatan madaala.Kanaafis shaakalli madaallii walitti fufaa barsiisota bifa barattoota hundaaf walqixa ta'een madaaluuf gargaara.Chilora,H,(2003,ff.11-12).

Barsiisuufi madaalliin walitti hidhata qabu.Barsiisonni barattoota madaaluuf mala walfakkaato fayyadamuun barsiisu.Madaallii walitti fufaan garuu mala walfakkaato hordofuun kan barsiisu miti.Yommuu shaakala madaallii walitti fufaa,barattootni sodaa barachuu irraa of qusachuu qabu.Barattootni yommuu madaalaman waan beekuu qaban jedhamee yaadamu beekuu qabu. Shaakalli madaallii walitti fufaa carraa barattootni dandeettii isaanii foyyeeffachuuf itti shaakalan ni uuma.Waan baratan karaa addaddaa waan addaddaan miira sodaa tokko malee akka ibsan ta'uun foyyaa'iinsa barataa irratti xiyyeeffachuu qaba.Barumsa isaaniitiin akka galma gahaniif isaan gargaara.Akka waliigalaatti, daree barnoota Afaan Oromoo keessatti yommuu shaakalli madaallii walitti fufaa hojjiirra oolu barsiisotni qajeeltoo shaakala madaallii walitti fufaa olitti ibsaman kanneen xiyyeeffannaa keessa galchuun bu'aa dandeettii barreessuu barattoota isaanii madaaluu qabu.

2.6. Amaloota Bu'uuraa Raawwii Shaakala Madaallii Walitti Fufaa

Haalli raawwii shaakala madaallii walitti fufaa amaloota baay'ee qaba.Isaan keessaa ijoo kan ta'an: adeemsa walitti fufaa kan fooyya'iinsa barachuu barattootaa ilaalchisee odeeffannoo walitti qabuuti.Qabxii barattootaa yeroo addaddaa walitti qaba. Murtee kennuuf toftaalee gara garaatti fayyadama.Kana malees,waa'ee waan barsiifamuu, akkaataa ittiin barsiifamu, barattoonni hammam akka gaariitti akka barataniifi kkf ilaalchisee tooftaalee addaddaatiin odeeffannoo walitti qaba.Yaaddeebii barattootaaf barachuu isaaniitiin waan fooyyeessuufi gochuu qaban irratti kenna.

Kaayyooleefi galmawwan sirna barnootaa waliin adeema;Sirna qabeessadha.Kanas kan ta'u, karaa ifa ta'een karoora kan qabu ta'uusaatiifi meeshaaleen barattootni ittiin madaalaman, kan akka yaalii, daawwannaa, hojii dhunfaafi garee, gilgaaloota, afgaaffii, gahee taphachuu, akkeessuufi kkf fayyadamuu isaati.Ezewu and Okoye,(1981); Ojerinde fi Falayajo,(1984);Alonge,(2004);Orisadipe,(2005)fi Ojerinde,(2011).Yeroon madaalliin itti gaggeeffamus seera qabeessaafi kan walirraa hin cinne dha.Bal'inaafi gad-fageenya qaba.Sababniisaas odeeffannoo yeroo adda addaa walitti qaba. Madaalliin daree barnootaa yaada ijaarsaa kan kennuufi sirreessuu dha.Kana jechuun, rakkoo addaan baasee gorsaafi gargaarsa barbaachiisaa ta'e kennuuf haala mijeessa/qindeessa.

2.7. Akaakuuwwan Madaallii Walitti fufaa

Madaalliin walitti fufaa guutuun,madaallii barnoota irraafi madaallii dhumaaf keessatti hammata.Karaa biraan yoo ibsamu, madaallii walitti fufaa barnoota irraa yookiin madaallii walitti fufaa barnoota boodaa qofaan isaa madaallii guutuu hin jedhamu. Madaalliin dhimma madaalamu irratti hunda'uun madaallii ramaddii,madaallii sakatta'iinsaa,madaallii barnoota irraafi madaallii barnoota boodaa jedhamuun qoodama Brown, (2003).

2.7.1. Madaallii Seensaa /Ramaddii

Sagantaan barumsaa haaraa tokkoo soo hin jalqabiin dura waa'ee barattootaa beekuuf madaallii gaggeeffamudha.Madaalliin ramaddii barattootaa akkaataa beekumsa yookiin dandeettii isaaniin kutaatti ramaduuf gargaara. Meeshaaleen odeeffannoo akkasii walitti qabuuf gargaaran yaalii qopha'inaa, yaalii dandeettii, yaalii duraa, daawwannaafi kkfdha. Odeeffannoon madaallii kanaan walitti qabamu gaaffilee armaan gadii deebisuuf gargaara.

Barattoonni barnoota haaraa tokko jalqabuuf hangam qophaa'anii jiru?Hubannoofi dandeettii hangami qabu?Barattoonni kaayyolee barumsa haaraa keessa jiru hangam dursanii beeku? Mala baruu barsiisuu kamtu amala barattootaaf mijaawaadha? jechuun adda baasa.Brown, (2003).

2.7.2. Madaallii Sakatta'iinsaa

Madaalliin sakatta'iinsaa barattoonni adeemsa baru-barsiisuu keessatti dogoggora ykn dadhabii irra deddeebi'anii agarsiisaniifi sababa isaa kan qoratudha.Kaayyoon isaa inni guddaan hundee rakkina barachuu barattootaa addaan baasuun karoora furmaata ta'u

qopheessudha. Meeshaaleen madaallii kana keessatti odeeffannoo funaanuuf gargaaran yaalii waa gonfachuu danda'uufi daawwannaadha. Brown, (2003). Madaalliin kun, madaallii barnoota irraa jalaatti ramadamuu danda'a.

2.7.3 Madaallii Adeemsa/ Barnootarraa

Madaalliin barnoota irraa madaallii osoo barsiisaa jiranuu waan barsiisaa jiran sana barattoonni hubachuu isaanii beekuuf madaallii adeemsifamu ilaallata. Haalli kun, barannoo tokko keessatti gaggeeffamee kan dhaabbatu osoo hinta'iin barannoo walitti aananii dhufan keessatti sakkaataa barbaachisaa ta'ee argameen gaggeeffama. Madaalliin adeemsa keessaa yeroo baru-barsiisuun gaggeeffamaa jiruufi barsiisuun dura barachuufi barsiisuu qajeelchuuf adeemsifama. Madaalliin kun, tooftaalee addaaddaatti gargaaramuun barattoonni waan baratan hubachuu isaanii mirkaneessa adeema. Mala baru-barsiisuu irratti rakkoon yoo jiraatellee akka fooyya'u godha. Irons, (2008).

Akka qorannoo Mebea Fetene, (2008) keessatti ibsameetti, madaalliin fooyya'iinsa barataa qajeelchuuf, barattoonni dogoggora isaaniirraa akka baratan gargaaruuf, barsiisuun akka gaariitti deema jiraachuu isaa beekuuf, yaaddeebii kennuuf, bu'aawwan barachuu yaadaman gara qabatamaatti jijjiiramuu isaanii mirkaneessuufi kanniin kana fakkaataniif gaggeeffama. Haaluma kanaan, fayyadamni gosoota shaakala madaallii walitti fufaa daree barnootaa yeroo hunda kan madaalamu barattoonni gochaalee adda addaa irratti gahumsa agarsiisaniin ta'a. Gochaalee adda addaa irratti gahumsa barattootni argamsiisaniin bu'aa galmeessisan madaaluuf tarsiimoofi tooftaa madaallii gosa adda addaa fayyadamuun barbaachisaa dha. Kana keessaa, yeroo barnootni gaggeeffamaa jiru rakkoowwan barattoota muudatan addaan baasuun gargaaruuf barsiisotni tooftaa madaallii miilta'aafi idilee fayyadamuun madaaluutu irraa eegama. Knoch, (2011).

2.7.3 a. Madaallii Idilee

Madaalliin idileen, madaallii ittiyaadamee adeemsa baruu barsiisuu fooyyeessuuf of-eeggannoodhaan gaggeeffamuu qabuudha. Meeshaaleen madaallii kanaa yaalii barreeffamaa, yaaliiifaanii, pirojeektii, poortifooliyoofti kkf ofeeggannoon qophaa'an barattoota madaaluuf fayyadaman fakkeenya madaallii idileeti. Odeeffannoon madaallii idileedhaan walitti qabamu yeroo baayyee dhugummaafi amansiisummaa waan qabuuf qabxii barataaf qabuuf gargaara (Knoch, 2011).

2.7.3 b. Madaallii Miilta'aa

Madaalliin miilt'aa, madaallii akka tasaa baru-barsiisuu keessatti gaggeeffamudha. Madaalliin kun, wayitii baru-barsiisuun daree keessatti adeemsifamaa jiru rakkina barataa barachuurratti quunname furuun barachuun haala qajeelaan akka gaggeeffamu godha. Madaalliin miilta'aa qabxii kennuuf gahumsa dhabuyyuu waa'ee ogummaa barataa keessumaayyuu naannoo dandeettii afaaniirratti odeeffannoo bu'a-qabeessa kennuun barachuu barsiisuu fooyyeessuu keessatti gahee guddaa qaba.

Qabxii barattoonni hin hubanne jedhanii shakkan irratti gaaffii afaanii gaafachuu, hojii barataa daawwachuu, hojii manaa yoo barataatti ulfaate keessa deebi'uun hojjechuu, barataa waliin dubbachuu, iddatoo barreeffamaafi wayitii barattoonni fuulaa fuulatti waan baratan keessa deebi'an barattoota dhaggeeffachuufi kkf tooftalee madaallii miilta'aa jalatti ramadamu. Knoch, (2011).

2.7.4. Madaallii Walitti Fufaa Xumuraa

Madaalliin kun, dhuma mata-duree bal'aa, qabiyyee, boqonnaafi kkf tokkoo irratti adeemsifama. Odeeffannoon madaallii kanaan walitti qabamu dhimmoota armaan gadiif gargaaru. Isaanis, xumura boqonnaa tokkoo irratti barattoonni hubannoofi dandeetti barbaadame gonfachuu isaanii addaan baasuuf. Barattoota daree irraa dareetti darbuu qabaniifi kufuu qaban addaan baasuuf ykn qabxii barattoota kennamuu qabu murteessuuf, mala baru-barsiisuu hojiirra oolu murteessuufi kanneen kana fakkaataniif gargaaru. Irons, (2008) fi Harsch, (2014b)

2.8. Madaallii Afaaniifi Barreessuu

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti madaallii afaaniifi barsiisuun waliif waahila. Jabana duriirraa kaasee yoo ilaallu, madaallii afaanii tooftaa afaan barsiisuu waliin walitti hidhata qabaachuu isaa madaalliin afaanii addaddaa akkaataa itti eegalan fakkii hawwataa ta'e tokko lafa kaa'eera. Malleen afaan barsiisuufi qormaanni afaaniitiis yeroo yeroon jijjiiramaa dhufanii jiru. Brown, (2003). Madaalliin afaanii marsaa afaan baruu barsiisuu keessaa isa tokko. Waljijjiirraa ragoota addaaddaa keessatti, walitti dhufeenya kaarikulemii keessatti madaalliin dhaabbataadha. Yaaliin kaka'umsa keessoo uumamaa isa dhugaa ta'ee jiru jijjiiruu hinqabu. (Isuma).

2.9. Madaallii Dandeettii Barreessuu

O'Malley fi Pierce,(1996) waa'ee madaallii dandeettii barreessuu yommuu ibsan,jalqaba barsiisonni wantoota barreessuu waliin walqabatan ilaalchisee wanti madaalamuu qaban seerluuga irratti xiyeeffachuurra beekumsa qabiyyeerratti, tartiiba beekumsa haala qabiyyeen itti qindaa'uufi beekumsa barreessuu irratti ta'uu qaba.lammaffaa, barattootni naannoo barreessuu kamitti rakkoo akka qaban barsiistonni adda baasanii beekuu qabu.Barattootni ofiif of madaaluu nidanda'u;sababniisaas madaalliin ofiif of madaaluun waa'ee barbaachisummaa barreessuu irratti waa yaaduu cimisa yookaan jajjabeessa.Ofiin of madaaluun ,barattootni wanta baratan sana irratti maaliifi hagam akka baratan calaqqee kennu.Kanamalees, barreeffama waahiloota isaanii adeemsa waliin baruu keessatti walmadaaluu ni danda'u.Kuni ammoo, barattootni hundi barreeffama isaanii akka waliimadaalaniif carraa kan kennu yoo ta'u, madaalliin taasisan kun garuu shaakaalaan of cimsuuf malee qabxii itti kennuuf miti.Madaalliin dandeettii barreessuu duubdeebii barattootaaf kenname hangam akka hubataniifi hojiitti hiikan madaaluun mirkaneeffachuuf gargaara(O'Malleyfi Pierce,1996).Kanaafuu madaalliin gahumsa dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf/foyyeessuuf baay'ee barbaachisoodha.Kunis gosoota gahumsa barreessuu Brown,(2003,ff.343-346) kaa'e afran fi tooftaalee madaallii dandeettii barreessuu hayyuuleen Madson,(1983),Heaton(1988),Atkins et al. (1996), Brown(2003)fi Weir,(2005) irratti kaa'an fayyadamuuni.Walumaa galatti,kaayyoo barnoota barsiifamuu irratti hundaa'uun dandeettii barreessuu barattootaa madaaluuf barsiisonni tooftaalee addaaddaa fayyadamuun milkaa'ina hojii isaaniif filatamaadha.

2.10. Sakatta'a Qorannoowwan walitti dhiyeenya qabanii

Qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya kallattiifi al-kallattii akkasumas addaaddummaa qorannoo kana wajjin qaban lama sakatta'amanii,tokko kan Afaan Ingilizii,tokko ammo kan afaan oromoo irratti itti guuttannaa digirii lammaffaaf hojjetaman sakatta'aman akka itti aanu ta'u.

Qorannoon inni jalqabaa,Silashi,(2007) barnoota Afaan Ingiliiziiirratti kan gaggeesse yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa haala barsiisotni koolleejjii barsiisan madaallii walitti fufaa hubataniifi hojiirra oolchan qorachuudha.Malli qorannoo inni itti fayyadame mala akkamtaafi ammamtaadha.Ragaa funaansaaf ammo bargaaffiifi daawwannaa daree fayyadamee jira. Argannoon isaa barsiisotni faayidaafi qajeelfama madaallii walitti

fufaa irratti hubannoo isaan qaban gadi aanaa tahuufi adeemsa hojiirra oolchuutti rakkoowwan akka baay'ina barattootaa,yeroo dalagaan garagaraa baay'achuu rakkoo ijoo madaallii walitti fufaa hojiirra oolchuuf akka ta'e bira gaheera.

Qorannoon kun, tokkummaa qorannoo kana wajjiin qabu mata duree haala raawwii ilaalu yoo ta'u, addaddummaan isaa iddoo qorannoo, bara qorannoon itti hojjetame, adeemsa raga walitti qabuufi qaacceessuudha. Silashi,(2007) kan gaggeesse Kolleejjii Barsiisota Dabuub Itoophiyaa keessatti barnoota Afaan Ingilizii irratti yoo ta'u, qorannoon inni kun ammoo, Godina Wallagga Bahaa Manneen Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Guutoo Giddaa keessatti Afaan Oromoo irratti ta'uudha.Walumaa galatti hanga qoratichi sakatta'etti kallattiin kan walfakkatu hin argamne. Kanaaf qorannoo kana kanQorannoon lamaffaa irratti sakatta'ame qorannoo Baqqalach,(2012)dha. Qorannoo kana qorannoo ishee irraa wanti adda taasisu, kanshee raawwii madaallii walitti fufaa irratti kan geggeesite yoo ta'u, kun immoo Qaaccessa haala raawwii shaakala madaalii walitti fufaa dandeettii Afaan oromootiin barreessuu irratti xiyyeeffachuu waan ta'eef,Kanamalees, malli isheen fayyadamte mala qulqulleeffataa qofaadha.Kun garuu, mala qorannoo makootiin kan geggeeffamudha.

Kaayyoon qorannoo ishee: Godina Shawaa Kaabaa Magaalaa Fiichee keessatti manneen barnoota Abiyoot Firee, Abdiisaa Agaafi Bowwaa sadarkaa tokkooffaa marsaa tokkooffaa kutaa 3^{ffaa} daree barnoota Afaan Oromoo barsiisan haalli raawwii madaallii walitti fufaa maal akka fakkaatu sakatta'uu yoo ta'u, funaansa odeeffannoof sakatta'iinsa sanadaa, daawwannaa dareefi af-gaaffiidha. Argannoon ishee, haalla raawwii madaallii walitti fufaa irratti barsiisotni karoora barnoota waggaafi torbee qabaatanis madaallii walitti fufaa raawwachuu irratti yoom?Eessatti? Akkamitti akka madaalan karoora malee kan deeman ta'uu; akkasumas, sababni ijoo madaallii walitti fufaaf danqaa ta'an hafiinsa barattootaa yeroo madaallii, hanqina waytii barnootaafi baay'ina daree barattootaa akka ta'an ibsitee jirti.Qorannoon kun, tokkummaa qorannoo kanaa wajjiin qabu mata duree haala raawwii kan ilaalu yoo ta'u, addaaddummaan isaa iddoo qorannoo, bara qorannoo, adeemsa raga walitti qabuufi qaacceessuudha.

Baqqalach,(2012) kan gaggeessite, manneen barnootaa Godina Shawaa Kaabaa magaalaa Fiichee keessatti manneen barnoota Abiyoot Firee, Abdiisaa Agaafi Bowwaa sadarkaa tokkooffaa marsaa tokkooffaa kutaa 3^{ffaa} daree barnoota Afaan Oromoo barsiisan yoo ta'u, inni kun ammoo, Qaaccessa Haala Raawwii Shaakala Madaallii

Walitti Fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu Manneen Barnootaa Sadarkaa lammaffaa Aanaa Guutoo Giddairratti Xiyyeeffate irratti ta'uusaati.

Tolsaa(2008) kan gaggeesse,Kolleejjii Barsiisota Roobeetti mata duree Shaakala Madaallii Walitti Fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu irratti yommuu ta'u, bu'aan argannoo isaa bifa wal fakkaataa ta'eeniifi itti fufiinsaan kan hin gaggeeffamneefi ilaalcha sirrii kan hin qabne ta'uu isaati, Qorannoo kiyyaan kan adda taasisu bakka/iddoofi yeroon addaa akkasumas beekumsaafi hubannoo gama gahumsa barattootaafi barsiisotaa haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaan dandeettii afaan oromootiin barreessuun jiru qaaccessuudha.

BOQONNAA SADI

MALLEEN QORANNICHA

3. 1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun, mala qorannoo lamaan kan raawwatamu: Mala qorannoo makoo ta'ee bifa addeessuutiini. Daran kan irratti xiyyeeffatu barsiisaan fayyadama haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa daree barnootaa yemmuu hojiirra oolchuun dandeettii barattoota isaa madaalu dhugummaan jiru maal akka fakkaatu addaan baasuun qorachuufi.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa Mana Barumsaa Ukkee Sadarkaa 2^{ffaa} fi Luugoo Sadarkaa 2^{ffaa} Kutaa 9-12 barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisan of-keessatti qabata. Sababni barsiisotni filatamaniif, barsiisaa kan jiraniifi haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barattootaa daree keessatti hojiirra kan oolchan waan ta'aniifi. Kanaafuu shaakala madaallii walitti fufaa barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisan daree barnootaa keessatti fayyadaman qabatamaan haala kamiin hojiirra oolaa akka jiru madaaluuf, waan ta'eef, irraawwatama kanniin fayyadamuun qorataan qorannoo kana adeemsiisuuf kaayyeffateera.

Irraawwatamni qorannoo kanaa barattoota kutaa 9-12 baay'ina, kutaafi sadarkaa barnootaan,

kuta	Baay'ina Barattootaa korniyaan			Baay'ina daree
	Dhi	Dur	W /t	
9	204	201	405	7
10	230	230	460	9
11	196	191	387	8
12	196	184	380	8
W /t	826	806	1632	32

Barattoota gulantaalee barnootichaa kana keessaa filataman daree daree keessaa dhiira tokkoofi durba tokkoo waliiga daree soddonii lama keessaa dhiira 32 durba 32 walitti 64 yommuu ta'an: Akkasumas, kanneen mata duree kanaan hidhata qaban karoora guyyaafi torbee barruulee/itti bartuu barattootaafi roosteera/kuusaa qabxii barattootaati. Qorataanis, dhimmoota kana waliin hariiroo waan qabuuf odeeffannoo barbaachisu argachuu akka danda'u itti amaneeti. Akkasumas qorannoo adda baheefi yaboon kenname hawaasa mana barumsaa sanaafi dhimmoota kana ilaallatan mara akka fayyadamaa taasisu shakkii hin qabu.

3.3. Madda Ragaa

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni Aanaa Guutoo Giddaa Mana Barumsaa Ukkeefi Luugoo Sad.2^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo barsiisan kutaa barnootaa keessatti fayyadaman qaaccessuufi.Maddi raga qorannoo kanaa addadurummaadhaan barsiisota Aanaa Guutoo Giddaa Mana Barumsaa Ukkeefi Luugoo Sad. 2^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo barsiisan yoo ta'an, barattoota kutaa 9-12, barsiisota itti gaafatamtoota muummee barnoota Afaan Oromoofi Suppervaayizara manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} ta'a.

3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Namni qorannoo gaggeessu tokko kaayyoo isaa irraa ka'ee "Eenyufaa osoo filadhee odeeffannoo na barbaachisu argachuu danda'a?" gaaffii jedhu hubannoo keessa galchuun iddatoo isaa filachuun barbaachisaadha.Odeeffannoo barbaadamu qixaan argachuuf namoota muuxannoo,beekumsaafi fedhii qaban filachuun barbaachisaadha.Waa'ee iddatoo adda baasanii filachuu Sarantakos,(2005:164) yoo ibsu,"The researcher purposely choose subjects who, in their opinion, are relevant to the project..., in such cases the important criteria of choice is the knowledge and expertise of the respondents, and hence their suitability for the study,"jechuun addeeseera.Qorataan akka ibsa yaada kanaa irratti hundaa'uun namoota fedhii,muuxannoo,beekumsaafi kaayyoo qorannoo waliin walitti hidhata qaban addaan baasee filateera.

Yaada armaan olii kanarraa ka'uun odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u funaannachuuf qorataan barsiisota muummee Afaan Oromoo mala iddatteessuu al-carraa keessaa iddatteessuu kaayyeffame fayyadamuun filata.Sababni mala iddatoo al-carraa kana filateef manneen barnootaa sad.2^{ffaa} Ukkeefi Luugoo haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa daree barnoota afaan Oromoo fayyadamuun addatti kan barsiisan waan ta'eef. Akkasumas,haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni afaan Oromoo barsiisan daree barnootaa keessatti fayyadaman irratti haala hojiirra oolmaa isaa ragaa quubsaa qorannoo kana gageessuufi fayyadan kallatiidhaan argachuuf yaadameeti.

Haaluma kanaan,barsiisota muummee Afaan Oromoo ta'an hunda (4) akkuma jirutti fudhatamaniiru.Sababni hundi isaanii fudhatamaniif qorataan ragaa isaan irraa argatu to'achuun qindeessuun waan danda'amuufi barsiisotnis barnoota afaan Oromoo haala

raawwii shaakala madaalliiwalitti fufaa daree barnootaa sirnaan fayyadamuun barsiisuuf carraa niqabu jedhamee waan yaadameef qorataan filannoo isaa godhatee fayyadameera. Barattootni manneen barnootichaa qorannoo kana keessatti hammatamaniif ammoo qorataan karaa iddatteessuu carraa kaayyeffataa ta'een nifilata jedhameet abdatama. Kunis, haala sadarkaa kutaa barataa jiran irratti hundaa'uun qorataan fayyadamuufi. Haaluma kanaan barsiisotni muummee Afaan Oromoo ta'an 4, supervaayizera tokkoof barattootni 64 qorataan filatamuun qorannicha irratti hirmaataniiru .

Walumaagalatti, kanneen filataman kanneen bargaa'ffii afgaaffii qophaa'e guuchisiisuun qorannoo kana irratti akka hirmaatan taasifama. Gama birootiin, barsiisota afran daawwannaa daree barsiisaa tokkoof yeroo adda addaa si'a lama daree seenuun ragaa sassaabbachuuf qorannichaaf filatamaniiru. Akkasumas, barsiisota hunda (4) irraa sakatta'a dookumeentii adeemsiisuun, ragaan ragaa bu'uuraa waan ta'uuf, odeeffannoo waliigalaafi adeemsa raawwii shaakala madaallii walitti fufaa hammate sakatta'uunkaayyoo madaallii barbaachise itti fayyadamuun qopheeffatan sakatta'uuf qorannichaaf filatamaniiru.

3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Odeeffannoo hojiirra ooluuf funaanamuun barbaachisaa dha. Mala odeeffannoon ittiin funaanamu hedduutu jira. Qorannoo gaggeessuuf mala odeeffannoon ittiin funaanamu sirrii ta'e filachuun galma gahiinsa kaayyoo qorannoo fiixaan nibaasa. Kana ilaalchisee, Dastaa, (2013, f.33), Marietjie fi Marieth, (2001) wabeeffachuun "Qorannoo gaggeessuuf odeeffannoon kan funaanamu bargaa'ffii, daawwannaa, af-gaaffii, sakkata'a dookmantiifi meeshaalee dhag-argee fayyadamanidha," jedhuunibsa. Yaada kanarraa ka'uun qorataan qorannoo kana yeroo gaggeessu bargaa'ffii afgaaffii fayyadamuun odeeffannoo funaanuun dhimma itti bahameera. Meeshaaleen kunneen qorannoo makoo keessatti barbaachisummaan isaanii ol'aanaa dha. Dane, (1990).

3.5.1. Sakatta'a Dookmentii

Meeshaan qorannoo kanaaf odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa inni tokkoffaan sakatta'a dookmentii ta'a jedhamee eegama. Dookmentiin akka madda ragaa tokkooffaatti waan tajaajiluuf, qorataan calaqqee haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni daree barnoota Afaan Oromoo keessatti fayyadaman irratti ragaa irraa argatu ibsuuf isa gargaara. O'Leary, (2004). Tooftaan funaansa ragaa

kanaa, muuxannoo barsiisotni kanaan dura haala fayyadama shaakala madaallii daree barnoota Afaan Oromoo keessatti qaban adda baasachuuf qorataan isa kanatti dhimma ba'a jedhameet abdatama. Sakatta'a dookimentii keessatti ragaan bu'uura waan ta'eef, odeeffannoo waliigalaafi adeemsa madallii hammatee sakatta'ame.

Qabiinsa qabxii barataa, qajeelcha madaallii daree barnootaa, poortifooliyoo barsiisaa, karoorra tarsiimoo waa'ee madaallii daree barnootaa dhuunfaaniifi muummee afaanichaan qophaa'an, haala fayyadama haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa daree barnoota Afaan Oromoo keessaa hojiirra oolmaa isaa irratti calaqqee jiru qorataan adda baasuun kaa'eer. Barsiisotni filataman shaakala madaallii walitti fufaa daree barnoota Afaan Oromoo keessatti itti fayyadamuun gochaaleen hojjatan tarsiimoo adda addaa fayyadamuun hojiirra oolchuufi oochuu dhabuu isaanii qorataanni ilaala jedhameet abdatama. Haaluma kanaan, tarsiimoo raawwii shaakala madaallii walitti fufaa garaagaraa fayyadaman, abbaltii barattootaaf qophaa'an, yaaliiwwan , maanuwaaliin barsiisaan qophaa'ee mana kitaabaa jiru, ragaalee sakatta'iinsa dookmantii kanneen irraa odeeffannoo barbaadamu argachuuf xiyyeeffannoo itti kennuun qorataan ilaaleera/ hordofeera, adda baaseera.

3.5.2. Daawwannaa Daree

Daawwannaan bifa ittiin odeeffannoon funaanamu ta'ee, qorataan gaaffilee bu'uuraa irratti hundaa'uun waan argeefi dhaggeeffate walsimsiisuun odeeffannoo barbaadu funaannatu dha. Yaaduma kana kancimsu, O'leary, (2004, f.170) akka jedhetti, "An observation is a systematic method of collecting data that rely on a researcher's ability to gather data through his or her senses". Kana jechuun daawwannaan tooftaa qorataan yookaan qorattuun odeeffannoo walitti qabachuuf dandeettii miira isaa yookaan ishee gargaaramuun taasifamedha.

Manni barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Ukkeefi Luugoo wayita Afaan Oromoo baratan daree 8 seenuun, jechuun waliin yeroo isaan madaallii daree keessaa adeemsisan sagantaa isaanii hordofuutiin ykn eeyyamsiisuun waliin seenamee ni daawwatama jedhamee eegama. Dareen daawwataman saddeettan carraatiin kan fudhatamani dha. Yeroo daawwannaa kanas shaakala madaallii walitti fufaa daree keessatti yemmuu isaan adeemsisan irra caalaa raawwiin barsiisotaa shaakala dhiyaate hojiirra oolchuun haala hojiirra oolmaa shaakala madaallii walitti fufaa daree barnootaa keessatti maal akka fakkaaturratti kan xiyyeeffatudha. Walumaa galatti qorataan ragaa barsiisotaa irratti

dabalataan kaayyoo qorannoo irratti hundaa'uun odeeffannoo barbaachisaa walitti qabateera.

3.5.3. Bargaaffii

Gaaffileen barreeffamaa tooftaa odeeffannoon qorannoon kanaa ittiin funaanamukeessaa isa tokkodha. Gaaffilee haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa daree barnoota afaan Oromoo keessatti barsiisonni itti fayyadaman sakatta'uun addaan baasuu yaada jedhu irratti barattootaaf qopheessuun gaafatameera. Lakkoofsi barattoota gaafannoon barreeffamaa dhiyaateef dhiirota 32fi dubartoota 32f raabsameera.

3.5.4. Af gaaffii

Qorataan odeeffannoo barbaachisaa ta'e waliiti qabachuuf af-gaaffiitti dhimma ba'a. Af-gaaffiin kunis barsiisota waliin kan gaggeeffamu erga daawwannaan daree taasifamee booda. Sababnisaas, af-gaaffiin dhiyaate haala barsiisonni kunneen fayyadama haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti haala kamiin sirnaan hojiirra oolaa akka jiru, haala ittii laalan maal akka fakkaatu sakkatta'uuf waan gargaaruufi.

3.6. Naamusa qorannichaa

Naamusni qorannoo naamusa qorataa/qorattuu tokkoirraa eegamudha. kanaaf anis kaayyoon qorannoo kanaa akka ifa ta'utti qaama dhimma qorannoo koo kana gaggeessu kam waliin karaa seera qabeessa dhiibbaa tokko malee fedhiin, of kennuun, akka qorannoo koo kanaaf deeggarsa barbaachisaa godhan kakaasaa raga addaaddaa kennaniifis icciitiisaa akkan eeguufi naamusaan akka xumuramu abdiifi kaayyoo koo isa guddaadha.

3.7. Tariiba Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Adeemsa funaansa odeeffannoo ilaalchisee inni jalqabaa. Bulchiinsa mana barumsaa sad. 2^{ffaa} Ukkeefi Luugoo, Itti gaafatamtoota muumme Afaan Oromoo irraa hayyama argameeni. Itti aansee gaaffilee qopheessuun raabsuu; guyyaa itti deebi'u murteessuun qiindessuun kan walitti qabameefi malootni ittiin ibsaman ibsa itti kennuun qaaccessameera.

3.8. Mala Odeeffannoon ittiin qaaccessame

Akka Vithalfi Jansen(2001) ibsanitti, odeeffannoo bakka addaaddaa irraa funaanamanii walitti qabaman haala hiika qabeessa ta'een qindeessanii ragalee qaaccessuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qorataan odeeffannoo qorannichaaf isa barbaachisu erga funaannateen booda odeeffannoo gaaffiilee cufaatiin walitti qabamaniif tooftaa ibsaatiin irra deddeebiifi dhibbeentaa fayyadamuun akkaataa haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa daree barnootaa manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} Ukkeefi Luugoo keessatti hojiirra oolaa jiru bargaaffii barattoota irraa argame walitti qindeessuun mala safarataan qaaceffame. Sababni irradeddeebiifi dhibbeentaa gargaarameef ragoota bifa gaaffii banaatiin qaamoota addaaddaa irraa walitti qabuun mala safarataan walbira qabuun dorgoomsiisuun madaaluuf waan tajaajiluufi.

Gama birootiin odeeffannoon afgaaffiilee barsiisotaa mana barumsichaa keessatti barsiisaa jiran yeroo daawwannaa daree keessatti walitti qabuun irradeddeebi'uun qorataan erga dubbifamaniin booda deebiin deebistootaa mala qulqulleeffataan niqaacceeffama. Sababnisaas, akka Patton,(1990) ibsutti, deebii deebistootaa kallattiin waraabuun itti fayyadamuun madda odeeffannoo qulqulleeffataa keessaa isa tokko waan ta'eef qorataanis isa kana fayyadamee, ragaalee sakatta'a dookmantiitiin funaanaman qorataan kan daawwatu tooftaa qulqulleeffataatti fayyadamuun gara jechootaatti geeddaruun ragaaleen argaman qaaceffamaniiru.

BOQONNAAAFUR

Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii fi Af-gaaffiin Funaanaman

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan manneen barnootaa filataman keessatti shaakalli madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu irratti haala kamiin hojii irra akka oolaa jiru sakatta'uun qaaccessuudha. Haaluma kanaan, sakkatta'insa Dookimantii, Daawwannaa, Bargaaffii, Afgaaffii duraa duubaan xiinxalamaniiru.

4.1. Xiinxala Sakkatta'insa Dookimantii

Sakkatta'insi ragaa dookmantii meeshaalee ragaa funaanuuf fayyadu keessaa isa tokkoo yoo ta'u qorataan dhimma kana hubachuun madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuu irratti taasiifama jiru hubachuuf kan itti fayyadameedha. Sakatta'iinsi ragaan kun odeeffannoowwan karaa bargaaffii, afgaaffii fi Dawawwannaatiin argaman mirkaneessuuf kan fayyaduudha.

Haaluma kanaan, ragaaleen tokko tokko akka barbaadametti manneen barnootichaakeessaa hinargamne. Addumaan xiyyeeffannaa dandeettii walitti fufinsaan shaakal barreessuu barattootaaf dookimantiin akka manneen barnootaa lameentn keessaatti taa'e hinjiru.

Walumaagalatti, argama sakatta'iinsa dookmantii irraa akka mirkanaa'etti barsiisotni duubdeebii ifaa ta'e barattota isaaniif kennuu dhabuun akka muul'atu mirkanaa'ee jira. Kun ammoo, barattootni ciminaafi dadhabbina qaban adda baafachuu dandeettii barreessuu isaanii akka hinfooyyeeffanne isaan taasiisa. Dabalataanis, argamni sakkatta'iinsi dookmantii akka agarsisutti qajeelchi madaallii walitti fufaa manneen barnootaa sana keessatti dhabamuuniifi waa'ee madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuu haala ifa ta'een bocame dhabamuun isaa madaallii walitti fufaa afaanii sirnaan hojiirra olchuun rakkiisaadha.

Kanaafuu, barattootni ciminaafi dadhabbina dandeettii barreessuu irratti qaban adda bahee kan hinibsamneef waan ta'eef dandettii barreessuu isaanii fooyyeffachuuf rakkoo akka qaban qorataan mirkaneeffatee jira

4.2 Xiinxala Daawwannaa

Daawwannaa yaaliiwwan qophaa'an irraa akka hubatameetti, tooftaa madaallii walfakkaataan barsiisotaan akka qophaa'an adda baafamee hubatamee jira. Kunneenis,

firoomsi, himoota walitti qabsiisuu, himoota duraa duubaan sirreessuu, dogoggoora himootaa adda baasuufi keeyyata barreessuun tooftaa barsiisotni fayyadaman ta'uun isaa sakatta'iinsa taasiifame keessatti hubatamee jira. Barsiisotni tarsiimoo karoora dhuunfaa isaanii madaallii walitti fufaa hojiirra oolchuuf kan qopheeffatan niqabu. Tarsiimoon karooraa barsisotaa kun tooftaalee hordofuu qaban bal'inaan kan ibsuu miti. Tarsiimoon karooraa daawwatame akka agarsiisutti ulfaatina abbaltii, hirmaannaa daree keessaa, to'annaa yeroo, qormaata walakkessaafi qormaata xumuraa of-keessaa qaba. Barsiisotni hunduu madaallii walitti fufaa karoora dhuunfaa ofii isaanii qabu. Kunis yeroo marii garee taasifame keessatti yaada barsiisotni kennan waliin walfakkaataa ta'uun isaa mirkanaa'ee jira. Karoorri akka waliigalaatti gareen ykn istiriimii afaaniin qophaa'ee tajaajilu akka hinjirre sakatta'iinsa qorannoo taasiifame keessatti mirkanaa'ee jira. Kun dhabamuun madaallii walittii fufaa dandeettii barreessuu haala barbaadameen bifa walfakkaataa ta'een hojiirra olchuuf dhiibbaa guddaa qabaachuu isaa qorannoo adeemsiifame keessatti hubatameera. Meeshaaleen leenjii ykn maanuwaaliin gosa barnoota hundaaf barbaachisaadha. Kallattin adda baasuun yoo ibsamu barnoota afaanii ykn dandeettii barreessuu kaasuun nidanda'ama. Akka deebisootni marii garree irratti ibsanitti leenjiin kallattiin madaallii afaanii waliin walqabatu keessattuu dandeettii barreessuu irratti barsiisotaaf kenname hinjiru. Kanaafuu, barsiisotni waa'ee madaallii afaanii keessattuu madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuu irratti leenjii gahaa ta'e argatanii jiru jecchuun baay'ee rakkisaadha. Walumaagalatti, argama sakatta'iinsa dookmantii irraa akka mirkanaa'etti barsiisotni duubdeebii ifaa ta'e barattota isaaniif kennuu dhabuun akka muul'atu mirkanaa'ee jira. Kun ammoo, barattootni ciminaafi dadhabbina qaban adda baafachuu dandeettii barreessuu isaanii akka hinfoooyeeffanne isaan taasiisa. Dabalataanis, argamni sakkatta'iinsi dookmantii akka agarsisutti qajeelchi madaallii walitti fufaa kolleejjii keessatti dhabamuuniifi waa'ee madaallii walitti fufaaafaanii istiriimii afaanii keessatti karoorri tarsiimoo haala ifa ta'een bocame dhabamuun isaa madaallii walitti fufaa afaanii sirnaan hojiirra olchuun rakkiisaadha. Kunneen jiraachuun isaa madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuuhaala milkaa'aa ta'een hojiirra akka hinoolle kan taasiisan keessaa qabxii ijoo ta'uun isaanii qorataan mirkanaa'ee jira.

4.3.Xiinxala Ragaalee Bargaaffii

4.3.1 Haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni Manneen Barnootaa lamaan keessatti raawwatan hagam dandeetti barreessuu irratti xiyyeeffatuu fi Dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti yaaddeebii kennuu

Gaaffileen Barreeffamaa tooftaa odeeffannoon qorannoon kanaa ittiin funaaname keessaa isa tokko yommuu ta’u, innis Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Guutoo Giddaa keessaa mana barnootaa ukkeefi Luugoo Sad.2^{ffaa}tti Gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisuutiin dandeettii haala raawwii shaakala barreessuun irratti haala kamiin hojiirra oolaa akka jiru hubannoo irraa argachuuf deemamee jira. Haaluma kanaan, gaaffiileen banaafi cufaa ta’an qophaa’anii turanis guutamanii jiru. Hirmaattota filataman keessaa mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala kaayyeffataatti fayyadamuun barattoota filataman keessaa bargaaffiin barreeffamaa cufaa barattootaaf kan dhiyaate ta’uu isaati. Akkataadhuma kanaan bargaaffiidhaaf barattotni 64 hirmaatota qo’annichaa ta’aniiru. Isaan kunneen keessaa 32(%50) dhiira yemmuu ta’an 32(%50) immoo dhalaa dha.

Gabateel, Bargaaffii barattoota mana barumsaa

T/L	Gaaffii	Filannoo kenname	Baayina Barattoota filatee	
			lakkofsaan	%
1	Barsiisonni keessan shaakala dandeettii barreessuu hangam isinii kennu?	Yeroo hunda	0	0
		Dabee darbee	42	65.63
		Hinkennan	22	34.37
		Ida’ama	64	100
2	Barsiisonni keessan shaakala dandeettii barreessuu erga isinii kennanii booda hangam duub-deebii isiniif kennu?	Yeroo hunda	0	0
		Dabee darbee	15	23.5
		Hinkennan	49	76.5


		Ida'ama	64	100
3	Barsiisonni keessan madaallii keeyyata barreessuu hangam isin qoru?	Yeroo hunda	1	1.6
		Dabee darbee	50	78.1
		Hinkennan	13	20.3
		Ida'ama	64	100
4	Bariisonni keessan erga shaakala dandeettii barreessuu isinii kennanii booda bakka hanqinaafi cimina keessanii adda baasanii isinitti himuu?	Yeroo hunda	2	3.1
		Darbee darbee	19	29.7
		Hinkennan	43	67.2
		Ida'ama	64	100.0

Gabatee 1 akka ibsutii barattootni 64 bargaaffiidhaaf dhihaatan keessaa, gaaffii barsiisonni isaanii shaakala dandeettii barreessuu hangam akka isaanii kennan dhihaateef irratti hundaa'uun deebiin barattootaa yeroo hundaa kanneen jedhani yoo hin jirre illee, barattootni 42(%65.63) fi 22(%34.37) duraaduubaan darbee darbee fi hin kennan jechuun deebisaniiru. Haala raga kana irraa hubatamuun barsiistonni harki caalaan dandeettii shaakala barattoota isaaniif kennanyeroo hunda kan hin taane ta'uu hubanna.

Akkaataadhuma ragaa argameen, Barsiisonni barattoota mana barumsichaa shaakala dandeettii barreessuu erga isinii kennanii booda hangam duub-deebii isiniif kennu kan jedhu irratti barattootni %23.5 darbee darbee yemmuu jedhan %76.5 immoo tasumaa akka hin kennine dheeraniiru. Haala kana irraa kan hubatamu yoo jiraate, shaakala dandeettii barreessuu barattoota mana barumsaa kana irraa irratti duub-deebii laachuu dhiisuun barsiisotaa akka hanqinaatti ilaalama.

Barattootni harki 78.1 Barsiisonni isaanii madaallii keeyyata barreessuu hangam akka isaan qoran gaafatamaniif darbee darbee yemmuu jedhan duraa duubaan %20.3 fi %1.6 immoo hin kennan fi yeroo hundaa jechuun deebisaniiru. Ragichii kan calaqqisiisu barsiisonni oggayyuu otoo hin taane dandeettii keeyyata dubbisuu barattootaa kan isaan qoran darbee darbee ta'uu isaati. Bariisonni keessan erga shaakala dandeettii barreessuu

isinii kennanii booda bakka hanqinaafi cimina keessanii adda baasanii isinitti himuu, gaaffii jedhuuf, barattootni %67.2 hin kennan yemmuu jedhan, duraa duubaan barattootni %29.7 fi % 3.1 immoo darbee darbee fi yeroo hunda jechuun deebisaniiru. Egaa ragaan kun kan mul'isuu hanqinaa fi cimina barattootaa sakkatta'uun barataatti himuun hundee barattootaa cimisuu yemmuu ta'u dhiisuun immoo faallaa kanaatti. Kanaaf haaluma kanaan shaakala dandeettii barreessuu kannuun gaarii ta'eetu ciminaa fi hanqina qoruu dhiisuun immoo rakkina barsiisota mana barumsichaa ta'uu kana irraa hubanna.



Fakki,1 Barsiisonnii mana barumsaa Guutoo giddaa iraa caalaa kan isaan barattoota qoran,2021

Akka ragaan fakkii 1 irratti agarsiisutti deebiin barattootaa % 59.4 xiyyeeffannaan barsiisotaa keeyyata qoruu yemmuu jedhan %32.8 immoo seer-luugaa ,%7.8 seer-luuga akkasumas keeyyata irratti kan xiyyeeffate akka qoraman ibsaniiru. Walumaa galatti waanti fakkicha irraa hubatamu yoo jiraate, barsiisonni mana barumsaa Aanaa Guutoo Giddaa kan isaan irratti xiyyeeffatanii barattoota isaanii qoran keeyyata akka ta'e bargaaffiin ragaa kun ni mul'isa.

4.3.2 Barsiisonni Manneen barnootaa lamaan kana keessaa akaakuu madaallii dandeettii barreessuuf itti fayyadamanii fi Madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuu yeroo barsiisan hojiirra oolchuuf kan hudhaa

Gabatee 2, Barggaaffi barataan yemmuu of-madaalu,2021

T/ L	Gaaffii	Filannoo kenname	Baayina Barattoota filatee	
			Lakkofsaan	%
5	Yenna barreeffama barreessitu rakkinni irra calaatti si mudatu isa kami?	Jechoota iddoo sirrii ta'eetti fayyadamuu dhabuu	21	
		Caas-luuga aafanichaa eeguun barreessuu dhabuu	32	
		Sirna tuqaalee iddoo barbaachisu hundaatti fayyadamuu dhabuu	41	
		Dogogora qubee malee barreessuu dadhaabuu	52	
6	Gilgaalotaa shaakla dandeettii barreessuu irraatti siif kennamu hojjetee ni dhiyyeessita?	Yeroo baay'ee naan dhiyyeessaa	15	23.4
		Yeroo tokko tokko naan dhiyyeessa.	37	57.8
		Murteessuun naa rakkisaa	2	3.1
		Gonkumaa hin hojjedhu	10	15.6
		Ida'ama	64	100.0
7	Barraffama akka barreessitan yemmuu ajaajmtan mata duree eenyuun filatama?	Barsiisaadhaan	15	23.4
		Barsiisaa fi barataan	10	15.6
		Kan kitaabarra jirurraatti	32	50.0
		Barattootaatu dhunfaan filaata	5	7.8
		Barattoonni gareen ta'udhaan	2	3.1
		Ida'ama	64	100.0

Gabate2,kun kan ibsuu baratootni bargaaaffii kana keessatti dandeettii barreessuu shaakala isaanii yemmuu madaalan maal akka fakkaatan ofii isaan akka of-ilaalan kan mul'isudha. Haaluma kanaan hennaa barreeffama barreessan rakkinni irra calaatti isaan dogoggora qubee akka ta'e baratootni 52 ni himu.Karaa biroon immoo baratootni 41 Sirna tuqaalee iddoo barbaachisu hundaatti fayyadamuu dhabuu illee rakkoo isaan mudatu akka ta'e ibsu.Baratootni 32 Caas-luuga aafanichaa eeguun barreessuu dhabuu fi 21 immoo Jechoota iddoo sirrii ta'eetti fayyadamuu dhabuu rakkoo isaan mudatu keessaa akka ta'an ibsatu. Ragaa kana irraa kan hubatamuu barreeffama barreessuu irrattii duraa duubaan barattotni rakkoolee dogoggora qubee, sirna tuqaalee, caas-luugaa eeguun barreessu dhabuu fi jechoota iddoo barbaachisumaa isaatti fayyadamuu dhiisuu akka ta'e mul'isu.Akkataa gaffii kanaan baay'inni baratootaa hedduu ta'uun isaa kan mul'isuu rakkinni tarreeffaman kan barattoota maraallee ta'uu waan danda'uuf barataan tokko rakkina hundallee qabaachuu akka danda'etti deebii waan kennaniif dha.

Baratootni sodomii torba % 57.8gilgaalotaa shaakala dandeettii barreessuu irraatti isaanii kennamu yeroo tokko tokkoo akka hojjetan yemmuu raagan, kudha Shan %23.4 ammoo yeroo baay'ee hojjetanii akka dhiyeessan ibsaniiru.Karaa biraan ammo barattotni kudhan %15.6 gonkumaa kan hin hojjenne yemmuu ta'an barattotni lama na hojjedhaa fi hin hojjedhuu murteessuun akka isaan rakkisu ibsu. Eegaa waanti gaaffii kana irraa hubatamuu gilgaalota shaakala dandeettii barreessuu baratootaaf kennamu hojjechuun dandeetti baratichaa akka cimisuu yoo ifaa ta'e illee barattotni harki irra caalaan yeroo tokko tokko malee kan hin hojjenne ta'uu isaati.

Filannaa mata duree barreeffama barreeffamuu gaaffii dhihaatef, baratootni 32(%50) kan kitaaba irra jiru irraatii akka barreessan kan dheeran yemmuu ta'uu baratootni 15(23.4%) fi 10(%15.6) duraa duubaan barsiisaa fi , barsiisa fi barataa jechuun deebisaniiru.

4.3 .3.Haala Shaakala Barreeffama Barattoota irratti rakkoo mudate

Gabatee 4. 3,Rakkoo Barreessuu Irratti Mul'ate

T/L	Gaaffii	Filannoo kenname	Baayina Barattoota filatee	
			lakkofsaan	%
8	Barsiisaa/barsiiftuun kee shaakala barreeffamaa haala kitaabni barnootaa kee affeeruun abbaltii, battallee, qormaataa, hojii garee hangama siif kenna/kenniti?	Yeroo hunda	2	3.1
		Yeroo Baay'ee	10	15.6
		Yeroo muraasa	42	65.6
		Baay'ee muraasa	10	15.6
		Ida'ama	64	100.0
9	Gilgaalota akka waa barreessuu shaakaltan hangam xiyyeeffnnoon sin shaakalchiisa?	Baay'ee Gaarii dha	1	1.6
		Gaarii dha	15	23.4
		Xiqqaa dha	48	75.0
		Baay'ee Xiqqaa dha	1	1.6
		Ida'ama	64	100.0
		Xiqqaa dha	12	18.8
		Baay'ee Xiqqaa dha	2	3.1
		Ida'ama	64	100.0

Shaakala barreessuu kitaaba barattootaarra jiru hangam barsiisaan hordofee akka isaaniif kennu gaafatamanii barattoonni afurtamii lama (%65.6) yeroo muraasa qofa akka isaaniif kennamu ibsanii jiru. Raga kanarraa waan beekuun danda'amu, barattoonni gilgaala barreessuu akka shaakalan isaaniif taa'ee jiru akka muraasni isaa qofti kennamuuf waan ifatti mul'ese fakkaata.

Karaa biraatiin gilgaalota baay'ee odoo hinshaakaliin yookiin hinhojjetiin irra darbu jechuudha. Kanuma waliin kan deemu danda'u barattoonni gaaffichaaf dhiyaatan keessaa kudhan (%15.6) ta'an baay'ee yeroo muraasa nuuf kennama jechuun yaada isaanii kennanii jiru. Kunis kan argisiisu gilgaalota shaakalliif qophaa'an keessaa waan muraasi qofa akka kennamuuf mul'isa. Faallaa isaan kanaan imoo barattootni kudhan (%15.6) gaaffii dhiyaateef yeroo baay'ee akka isaanii kennamu deebii laataniiru. Kun hanga dhibbeentaa isaa wal haacaalu malee yaadni barattoonni kunniin kennuu barbaadan walfakkaata. Kun kan argisiisu tarii barsiisota barsiisan keessaa barsiisaan muraasni gaaffii gaafatameef tumsa godhanii ta'uu danda'a. Sababni isaa, barattoonni lakkoofsaan xiqqoo ta'an haala kanaan deebii gaaffichaaf kennan kanaaf ta'a. Yaadota waraabame kanneen keessatti qabamee yoo ilaalame barsiisonni akka ilaalcha isaaniitti gilgaalicha waan barattoota ofitti hawwatu hintaaneef akka irra daddarban agarsiisa. Akka waliigalaatti yoo ilaalamu, gilgaalonni barattootaaf akka karoorfamee kitaaba isaaniirra taa'etti kennamaafii akka hinjirredha. Hayyoonni akka jedhanitti garuu, dandeettii barreessuu gabbifachuuf irra deddeebi'anii shaakaluun akka barbaachisudha (Raimes, 1983; Elbow, 2000). Gilgaalli ykn hojiileen barreessuu haala karoorfameen, barattootaaf kennamee barattoonni isaan hinshaakalan yoo ta'e dandeettii kana gabbifachuuf waan rakkatan fakkaata. Dandeettiin barreessuu kun akkuma olitti tuqame shaakala cimaa akka barbaadu beekamaadha.

Dandeettii shaakala waa barreessuu barattootaaf barsiisonni hangama akka isaan shaakalichiisan yaada barattootaa yemmuu gaafataman, haluma kanaan barattootni afurtamii saddeet (%75.0) xiqqaa dha jechuun deebisaniiru. calaqqeen yaada barattootaa kun yoo ilaalamuu gilgaala laachuun dandeetti barreessuu barataa kan cimsu ta'ee otoo jiruu barattootni hanga armaan olii akkaataa deebii lataaniin barsiisonni shaakaltiif kan ta'u gilgaala laachaa akka hin jirre dha. Barattootni kudha shan (%23.4) ammo gilgaala laachuunii fi dandeettii barreessu nu shaakalichiisuun barsiisotaa gaarii dha. Haluma kanaaf bargaaffii isa jalqabaa wal bira qabnee yemmuu ilaallu gochi barsiisotni gilgaala laachuu irratti qaban gadi bu'aa dha. Akkasumas kun immoo dandeettii barattootaa

addumaan akka gadi buusu ni hubatama. Barattotni lakkoofsaan tokko tokko ta'an ammoo ilaalcha isaanii yaada barsiisaan gilgaala kenneefi shaakala dandeetti dubbisuu isaanii yeroo himan baay'ee xiqqaa fi baay'ee gaarii akka ta'e ibsaniiru. Kana jechuun barsiisota hundumatu gilgaala dandeettii shaakala barreessuu guddisuu barattootaaf hin kennan jechuu akka hin taane mul'isa.

Akkaataa beekumsa dandeettii barreessuu barataa gaafatameen, barattootni shantama(%78.1) gaarii dha jechuun deebisaniiru. Kun illee kan calaqqisiisu barattotni hedduu isaanii dandeettiin shakala dubbisuuf isaan qaban gadi bu'aa ta'uu irraan kan ka'ee ofumaan of yoo madaalan dandeettiin isaanii sdarkaa gaarii kan hin darbine ta'uu mul'isa. Kanaaf ammoo hanqinaafi sababiin guddaan rakkinoota armaan olitti eeramaa turan ta'uu akka danda'an shakkii hin qabu. Haluma gaaffichaa irraatti hundaa'uun barattootni kudha lama(%18.8) dandeettiin isaan barreessuu irraatti qaban xiqqaa akka ta'e yemmuu ibsan barattotni lama(%3.1) immoo baay'ee xiqqaa akka ta'e ibsaniiru. Kanaaf duuchumatii yoo barattoota kana ilaaltee harkii dhibbatti siqan dandeettiin isaan barreessuu irratti qaban kan nama yaaddessu ta'uu isaa argina.

4.2 Xiinxala ragaalee Af-gaaffii

Kutaa kana jalattii gaafileen af-gaaffii barsiisota fi kenna deeggarsaa akkasumas supparvayizara fi Muummee afaan irraa funaanaman kan iddoo tokkotti cuunfamarii itti xinxalamani dha. Kanuma irratti hundaa'uun barsiisota mana barumsa aanaa Guutoo Giddaa sadarkaa lammaaffaa keessatti argamu irratti xiyyeeffachuun barsiisotaaf kan dhiyaate dha.

4.2.1 Barsiisotni Afaan Oromoo hagam walitti fufiinsaan shaakala dandeettii barreessuu akka kennaniif sababa kaa'ame

Barsiisonni hangam walitti fufiinsaan shaakala dandeettii barreessuu irratti kennan akkaataa gafatamaniin yaadota isaan kennan haala kanaan qaaceffameera. Barsiisonnii gaaffii kana qooddatan akka dubbatanittii shaakala dandeettii dubbisuu afaan Oromoo itti fufiinsaan laachuu irratti hangii isaan kennaan gadi'bu'aa akka ta'e dubbatu. Kuni ammo yoo ilaalamuu yaada barattoonni kaasan waliin kana wal-fakkaatu ta'ee mul'atta. Gubbeetti bargaffiidhaan barattootaaf dhiyaateen tumsii barsiisotaan shaakala dubbisuun dandeettii barataa gabbisuu irratti godhamu yemmuu gafataman gadi bu'aa yookiin xiqqaa akka ta'e kaasanii turan. Eegaa haallii kun yoo barsiisaan illee deeggarsa akkasiin barataa hin tumsu ta'ee barataan dandeettiin inni/ishiin barreeffama afaan

Oromoo ta'es kan biraan kufaa deemaa. Addumaan yeroo afaan Oromoo durirraa caalaa guddaachaa dhufe kanattii barsiisonnii afaanichaa fi barumsa waliin heerumsiisani barsiisuun kan filatamuufi yaada eessaa ta'u illee gochuu dhabuun ni mul'ata. Akkaataa Brown,(2003) qo'ateen, adeemsa baruu barsiisuu keessatti madaallii afaaniifi barsiisuun waliif waahila. Jabana duriiirraa kaasee yoo ilaallu, madaallii afaanii tooftaa afaan barsiisuu waliin walitti hidhata qabaachuu isaa madaalliin afaanii addaddaa akkaataa itti eegalan fakkii hawwataa ta'e tokko lafa kaa'eera. Malleen afaan barsiisuufi qormaanni afaaniitiis yeroo yeroon jijjiiramaa dhufanii jiru. Brown,(2003). Madaalliin afaanii marsaa afaan baruu barsiisuu keessaa isa tokko. Waljijjiirraa ragoota addaaddaa keessatti, walitti dhufeenya kaarikulemii keessatti madaalliin dhaabbataadha. Yaaliin kaka'umsa keessoo uumamaa isa dhugaa ta'ee jiru jijjiiruu hinqabu. Kanaaf, maleen adda addaa fayyadamuun dandeettii barreessuu afaan Oromoo barattootaa irratti hojachuun yaada qo'annaan kun dhiyeessu waliin kan Brown wal sima.

Karaa biroon immoo yaaduma shaakallii walitti fufinsaa godhamuu qabu irratti kollajjii Roobetti gaggeeffame yemmuu ilaallu, Tolsaa(2008) kan gaggeesse, Kolleejjii Barsiisota Roobeetti mata duree Shaakala Madaallii Walitti Fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu irratti yommuu ta'u, bu'aan argannoo isaa bifa wal fakkaataa ta'eeniifi itti fufiinsaan kan hin gaggeeffamneefi ilaalcha sirrii kan hin qabne ta'uu isaati, Qorannoo kiyyaan kan adda taasisu bakka/iddoofi yeroon addaa akkasumas beekumsaafi hubannoo gama gahumsa barattootaafi barsiisotaa haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaan dandeettii afaan oromootiin barreessuun jiru qaaccessuudha, kunis yaada qo'annoo amma Mana barnootaa Guutoo giddaatti gaggeeffame waliin kan walsimatu dha.

Rakkoon wal-fakkaataan Shawaa kaabaatti qo'atamellee yaaduma kana waliin kan wal simatan akka jedhuttii Baqqalach,(2012), manneen barnootaa Godina Shawaa Kaabaa magalaa Fiichee keessatti manneen barnoota Abiyoot Firee, Abdiisaa Agaafi Bowwaa sadarkaa tokkooffaa marsaa tokkooffaa kutaa 3^{ffaa} daree barnoota Afaan Oromoo barsiisan yoo ta'u, inni kun ammoo, Qaaccessa Haala Raawwii Shaakala Madaallii Walitti Fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu Manneen Barnootaa Sadarkaa lammaffaa Aanaa Guutoo Giddaairrattillee rakkinuma akkasii qabaachuu argina.

Gaaffiidhuma kanaan wal qabatee eddaa walitti fufiinsaan shaakala dandeettii dubbisuu irratti hin hojjennee sababiinsaa maal akka ta'e gaaffii dhiyaateef, barsiisonnii gaariin barattootni kutaa gadii irraa eegalanii waan barachaa dhufaniif beeku jechuun xuxuquun bira dabarraa, kaan immoo kitaabichi matummaan isaan iyyuu akka deddeebi'anii

dubbisaniif fi dubbisiisaniif nama hin kakaasu, yeroo gahaan hin kennamu,kaan immoo manni kuusa kitaabaa hedduminaan waan hin jirreef kitaabota kanneen ogbarruu,afoola fi barreeffama adda addaa dhiyeessinee dubbisiisu hin dandeenye,kaan ammo barataan matumitti isaa rakkoo dha,fedhaan dubbisuuf hin barbaadu fi yeroo ragaan kun funaanamitti immoo rakkinni dhibee Koronaa illee waan jiruuf akka mana isaanitti dubbisan gochuun barataa irratti gannee dhiisnee kanneen jedhanis ni jiru.

Kanas ta'ee sanas,akkaataa amma oliitti hubatameen shaakalittii wali itti fufinsaan barattoota akka isaan dubbisan taasisuu irratti godhamee akkuma jedhametti gadibu'aa dha. Keessumaa yeroo ammaa kanaa barattootni sadarkaa lammaffaa kana keessatti yoo seeraan hin dubbisnee rakkoo ulfaataa kan naannichaa irra darbee kan biyyichaa illee ta'uu danda'a. Kanuma waliin yaadni barataa akka gubbeetti mirkaneessuttii maddi rakkoo kanaa barsiisaan xiqquma xuqee dhiisa waan ta'eef inni jedhu yaaduma wal fakkataa kan barsiisonni kaasani faan waliin duukaa hiriira. Akkaataa O'Malley fi Pierce,(1996) waa'ee madaallii dandeettii barreessuu yommuu ibsan,jalqaba barsiisonni wantoota barreessuu waliin walqabatan ilaalchisee wanti madaalamuu qaban seerluuga irratti xiyeeffachuurra beekumsa qabiyyeerratti, tartiiba beekumsa haala qabiyyeen itti qindaa'uufi beekumsa barreessuu irratti ta'uu qaba.lammaffaa, barattootni naannoo barreessuu kamitti rakkoo akka qaban barsiistonni adda baasanii beekuu qabu.Barattootni ofiif of madaaluu nidanda'u;sababniisaas madaalliin ofiif of madaaluun waa'ee barbaachisummaa barreessuu irratti waa yaaduu cimaa yookaan jajjabeessa.Ofiin of madaaluun ,barattootni wanta baratan sana irratti maaliifi hagam akka baratan calaqqee kennu.Kanaaf barsiisaan hanga danda'ametti akkataa O'Malley jedhuuttii waan barbaachisu qindeeffatee/ttee barataa hubachiisuu qabuu kan jedhu yaada kenna.

4.2.2, Gosni madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuu gonfachiisan fayyadamanii fi sababa kaa'an

Akkaataa seera afaaniitti gostii madaallii walitti fufinsaan dandeetti barreessuu barataaa akkasumas kan barsiisaa gabbisan hedduun yoo tarreefaman madaallii seensaa /ramaddii, madaallii sakatta'iinsaa, madaallii adeemsaa/ barnootarraa, madaallii idilee, madaallii miilta'aa fi madaallii walitti fufaa xumuraa illee mana barumsaa aanaa Guutoo giddaa keessatti maal akka fakkaatufi maal faa akka fayyadaman gaaffii dhihaateef barsiisonni af-gaaffii kana irratti dhiyaatan akkana jechuun deebisaniiru.

Akkataa mana barumsaa isaanitti barsiisonni baay'een isaan madaallii idilee irraa caalaa akka fayyadaman yoo himan akkasumas madaallii adeemsaa/ barnootarraa fi madaallii sakata'insaa akka fayyadaman ibsaniiru. Sababa isaa yoo handhuuressan, akkana jedhu “madaalliin idileen, madaallii itti yadaama adeemsa baruufi barsiisu fooyyeessuf hojjetamu waan ta'eef nuyillee yeroo maraa adeemsa kana fooyyeessuuf yoo xiqqaate waggaa barnootaatti takka ni fayyadamna haala kanaanis shaakala madaallii dandeetti barreessuu barattoota keenyaa ni guddisina jennee itti amanna jedhu. Akka Knoch(2011) jedhuttii madaalliin idilee fooyya'insa baruu fi barsiisuu irratti godhamu keessaa isa tokko yemmuu ta'uu yaalii kana galmaan gahuuf barsiisonnii barreeffama adda addaa funaanuun projeektota adda adda addaa qopheessuun gochuu qabu isa jedhu waliinkan wal simuatu dha.

Madaallii adeemsaa/ barnootarraa maaliif akka fayyadaman yemmuu ibsani, Odoo dhuma barsiisaa jirruu barattootni keenya maal akka fakkaatanii fi akkamitti akka nuyiin hubachaa jiran adda baasaa deemuun bakka hanqinnii mul'atu irrattii hubannoo adda ittiin laachaaf adeemna. Keessumattuu mala baruuf barsiisuu keenya keessatti waantoota qajeelchuu qabnu achuma keessatti qajeelchuuf nu fayyada waan ta'eef itti fayyadamna jechuun ibsu, yaadni kun akka qorannoo Mebea Fetene, (2008) keessatti ibsameetti, madaalliin fooyya'insa barataa qajeelchuuf, barattoonni dogoggora isaaniirraa akka baratan gargaaruuf, barsiisuun akka gaariitti deemaa jiraachuu isaa beekuuf, yaaddeebii kennuuf, bu'aawwan barachuu yaadaman gara qabatamaatti jijjiiramuu isaanii mirkaneessuufi kanniin kana fakkaataniif gaggeeffama. Haaluma kanaan, fayyadamni gosoota shaakala madaallii walitti fufaa daree barnootaa yeroo hunda kan madaalamu barattoonni gochaalee adda addaa irratti gahumsa agarsiisaniin ta'a. Gochaalee adda addaa irratti gahumsa barattootni argamsiisaniin bu'aa galmeessisan madaaluuf tarsiimoofi tooftaa madaallii gosa adda addaa fayyadamuun barbaachisaa jedhu waliin kan waliin deemu dha.

Kan biroon maaliif akka madaallii sakata'insaa fayyadaman yoo ibsani madaalliin sakkata'insaa akkuma maqaan isaa ibsuttii waan ta'ee darbe tokko sakkata'u waan ta'eef nuyillee eddaa barsiisinee booda waan barataan/ttuun kun fakkattu/tu hojii isaaniin sakkattaana. Adeemsabaruu fi barsiisuu keessatti kun immoo dogoggora , dadhabbii barattootaa fooyyeessuuf, qajeelchuu fi hubannoo laachuuf itti fayyadamna. Yaaduma barsiisota aanaa guutoo Giddaa kan deeggaruu yaadni Brown(2003) barreeffame akka

ibsuttii madaallii sakatta'insaa adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti akka meeshaalee dogoggora yookiin dadhabina ittiin fooyyessanii itti fayyadaman dha.

4.2.3, Shaakala dandeettii barreessuu barattootaaf kenname booda duub-deebii hangam akka kennamee fi sababa dhiyaate

Akka Black & Harrison (2001) ibsanittii duubdeebiin madaallii kamuu boodaan duubdeebiin dhufu hedduu murteessaa dha jedhu. Sababa isaa yemmuu kaa'an barattootni akka ciminaan barataniifi barsiisaan ogummaa isaa keessatti bakka hanqina isaa akka fooyyeessaa deemuuf gargaarsa guddaa godhaa jedhu, haaluma kana irratti hundaa'uun barsiisotni aanaa Guutoo Giddaa mana barnootaa sadarkaa lammaffaa illee akka af-gaaffii dhiyaateef deebii kennaniin duubdeebii kan funaan yemmuu ta'uu gochi kun garuu yeroo hedduu otoo hin taane darbee darbee akka ta'e raaganiiruu. Silaa akkuma falaasama hariioo baruufi barsiisuu gidduutti argamuun duubdeebiin mataama isaatuu

Duubdeebiin akka Black & Harrison (2001) ibsanitti cuunfaammee yoodhiyaatu, madaallii kamuu boodaan duubdeebiin dhufuun baay'ee kanbarbaachisuudha. Sababni isaas barattoonni akka cimaniin barataniifi barsiisaan ogummaa isaa keessatti offooyyeessaa akka deemuuf gargaarsa guddaa kan tolchuudha. Duubdeebiin matama isaattuu akka madaallii barataafi barsiisaa jiddutti walitti dhufeenya uumuutti kan ilaalamu waan ta'eef adeemsi baruumsii itti kennamu kamuu duubdeebii of keessaa hin qabu taanaan, barnootichi akka waan kennama hin jirreetti ilaalamuu ni danda'a. Barsiisaan barattoonni isaa barnoota inni kennaa ture keessatti maal akka barataniifi hinbaratin addaan baafachuuf akka madaalliitti itti fayyadamuu nidanda'a. Kanaaf erga rakkoo jiru addaan baasee booda sagantaa itti aanu keessatti haala rakkoon kun ittiin furamu irratti karoofachuun fedhii barattootaafi kaayyoo barnootichaa walsimsiisuun adeemsa duree jijjiiruun fooyya'iinsa dandeettii barataafi ogummaa ofii irratti fiduun kan isa dandeessisuudha. Adeemsa kana keessatti barsiisaan tokko maaliif akka barataa isaa madaalu, barataan barnoota baratu keessatti maal hubatuu akka qabuufi madaalliin matama isaattuu qaama barnootaa akka ta'e duubdeebii keessatti hubachiisuun irraa eeggama.

Sababa yeroo maraa duubdeebii hin gaggeessineef yaada barsiisotni dhiyeessan keessaa muraasni hanqina yeroo, barnoota laatame yeroon xumuruuf jecha, keessumaa duubdeebiin barataarraa dhufu takka takka safuu kan hin eegganne ta'uu fi barataan illee yeroo baay'ee fuulaaf fuulatti duubdeebii laachuurraa akka xalayaatti barreesse kennuu waan filatuuf xalayyicha ammo dubbisuun yeroo waan fudhatuuf kan jedhu yaada barsiisota irraa argamee kan cuunfame dha. Akkuma beekamuu sababa dhukkuba Covid-19 waaliin turtiin barattootaafi barsiisotaa xiqqoo akka tureef duubdeebiif yeroo argachuu akka hin dandeenya akka

sababaattii kanneen kaasan illee ni jiru waan ta'eef cimina barattootaa irrattis ta'ee of-fooyyeessuu barsiisaa irratti duubdeebii dhabuun akka rakkinaatti ta'ee kan mul'atu dha. Inni guddaan Basiisaan ogummaa basiisummaa ofii ittiin fooyyeffatu kan duubdeebii barataa irraa argamuun waan ta'eef walitti dhufeenyibarataa fi barsiisaa cimuu qabaa jedha Clarke,(2012),kanaafuu karaa faallaa yaada barsiisotaan yaadni qo'atichaa kan Clarke deeggaru ta'ee mul'ata. Itti dabaluunis barataan tokko qormaata fudhate irratti gaafii tokko osoo dhabee, maaliif akka dhabe barsiisaa isaa waliin irratti mari'achuun yoo sababa isaa hinbeekin barataan kun qoramaata san irraa waabarachuu hindandeenye jechuu ta'a.

Duubdeebin madaallii kamuu boodaan kennamu barattoota qofa osuu hin ta'in, barsiisaafis, baayee kan barbaachisuudha. Sababni isaas barsiisaan karoora isa barnoota itti aanu keessatii karoorfatuuf qabxii barataaf galeefi hin galle addan baafatee beekuun, iddo fedhiin barataa jiru irratti karoorfachuun adeemsa baruufi barsiisuu isaa kan ittin fooyyeffatuudha. Kanaafuu, duubdeebiin adeemsa baruufi barsiisuu keessati, barataafi barsiisaan barnoota isaanii keessatti maal akka isaan irra barbaachisu beekanii raawwii isaanirraa eeggamu raawwachuuf ofqopheessuu akka qaban kan gargaarudha. Dhumarratti madaallii adeemsifamaa ture xiinxaluun bu'aan barattoonni galmeessan fooyya'iinsa kan argamsiisaa jiruufi hin jirre t'u, addaan baafachuun barataafi barsiisaan akka kaayyoo barnootichaa waliin madaqan kan haala mijeessuudha.

4.2.4, Shaakala madaallii dandeettii barreessuu barattoota gonfachiisuu irratti wantootni gufuu ta'an

Akkaataa af-gaaffii barsiisota irraa argameen, waantotni shaakala dandeettii barreessuu barattootaaf gufuu ta'an keessaa kanneen gurguddoon fedha barataa matummaa isaa, barsiisotnii haala qormaata itti baasan, dhibeensaa mana kitaabaa afaan Oromoon katabamanii, haala naannoo fi maatii barattootaa ta'uu ibsaniiru.

Akkaatuma ibsa barsiisotaarra dhabbatamee akkamiin feeti barataa shaakala madaallii dandeettii barreessuu isaa irratti waantoota gufuu ta'an keessaa tokko akka ta'e yemmu ibsani, barattootni hedduun isaanii waa dubbisuuf isa dubbisan immoo barreessuuf feetii isaan qaban gadi bu'aa dha. Kuni immoo argamuu kan jalqabee yeroo dhiyootii asii tarii haallii dhibee addunyaalessaa fi isa durammoo qulqullummaan barnootarratti laatamu waan haalaan gadi bu'aa ta'eef akka isaanitti fakkaatu af-gaaffiidhaan yaadni yemmuu isaan irraa funaanamu barsiisotni arfan af-gaaffiif dhiyaatan ibsaniiru. Yaada kana waliin kan walqabsiisuun beektootni hedduun tooftaalee madaallii dandeettii barreessuu barataa kanneen gufachiisan keessaa fedheen iddoo guddaa kan qabu dha. Karaa biraan immoo

barsiistonii yeroo hedduu qormaata,battallee fi hojii manee yemmuu laatan akkataa barataan ittiin barreessuu shaakalu irratti xiyyeeffatee kan bahuufii miti.Akkaataa qorattootni hedduu qoratanittii maloota ittiin dandeettii barreessuu barataa guddisuu danda'an keessaa,Iddoo duwwaa guutuu, Himoota ykn dubbisa jijjiiruu,Qomaan barreessuu,Yaada ijoo irra deebi'uun barreessuu,Qormaata barreeffama banaa,Tooftaa filannoo,Odeeffannoof deebii kennuu,Poortifoliyoo barataa madaaluu,Gochaalee odeeffannoo waliidabarsuu ,Gochaalee ijaarsa keeyyataa,Gochaalee fakkiin muul'isan fayyadamuufi Gochaalee sadarkeessuu Tolossaa,S(2016) yemmuu ta'u isaan kun gama barsiisota keenyaan heddatanii hin mul'atan.Karaa biraan ammoo manni kitaabaa jiruu kitaabotaa afaan Oromootiin barreeffaman waan hin qabneef barataan kitaaba barataa irraa kan hafe waan hedduu argatee kan dubbisu waan hin qabneef kun illee akka gofachisaatti kaa'ameera.

4.2.5, Madaallin dandeettii barreessuu erga barattootaaf kennitanii booda jijjiirama dandeettii barreessuurratti mul'ate hordoffi

Af-gaaffiin barsiisota waliin ta'e akka mul'isuttii madaallii dandeettii barreessuu barattootaaf gabbisuuf waanti barsiisonni godhan jalqabummaa iyyuu gadi bu'aa akka ta'e barattootnis gubbeetti raaganiiru akkasumas barsiisotnis hin haalle,kanaaf hanga ta'e yookin muraasa madaallii dandeettii barreessuu kenname irrattii kanneen akka gilgaala ilaalanii sooroorsuu,hojii manaa adda addaa ilaaluun akka hojjetan ibsaniiru. Eegaa madaallin sirna barnootaa galmaan ga'uufi hojiirra oolchuuf wantoota barbaachisan keessaa isa tokkoodha.Yeroo ammaa Sagantaa Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Walii gala Itoophiyaa (SFQBWI) keessatti qulqullina barnootaa mirkaneessuuf akka ka'umsaatti madaallii daree barnootaa fayyadama(AED,2006).Dabalataanis,akka AED(TESO,2003) wabeeffachuun ibsetti, biyya tokko keessatti qulqullina barnootaa fooyyeessuuf faayidaa madaallii daree barnootaa qabu xiyyeeffannaa kennuun cimsee kaaseera.Madaallin daree barnoota afaanii haala baru-barsiisuu guyyaa guyyaatti raawwatamuufi kaayyoon barnoota barbaadamee galma gahuu isaa hordoofuuf fayyada.Baru-barsiisuu keessatti madaallii daree barnoota Afaanii dhimmoota adda addaatiif fayyada.

BOQONNAA SHAN

GUDUUNFAAFI YABOO

Qorannicha ilaalchisee boqonnaa kana jalatti guduunfafi kallattiin furmaataa kennamee jira. Ragaaleen xiinxalamaniifi qabxiileen ijoon qorannichaa wantoonni argaman guduunfaa jalatti dhihaatanii jiru. Kana malees, dhimma qorannicha irratti adeemsifame ilaalchisee ragaalee qaaceffamerra rakkoolee argamaniif, yaanni furmaataa kennamee jira.

5.1. Guduunfaa (Conclusion)

Akka galmaatti qorannoon kun kaayyoon gooroo inni qabatee ka'e ,Shaakala Madaallii Dandeettii barreessuu barattoota mana barnootaa sadarkaa lammaaffaa Aanaa Guutoo Giddaa irratt bu'uureffachuun addaan baasuufi xiinxaluu ta'us, dabalataan kaayyoo gooree kanneen akka: Akaakuu shaakala madaallii walitti fufaa barsiisonni Manneen Barnootaa sadarkaa 2ffaa Aanaa Guutoo Giddaa Barnoota Afaan Oromoo barsiisan fayyadaman ibsu, Gosa Madaallii Walitti fufaa dandeettii barreessuu gabbisan ni tarreessu, Hojiirra oolmaa shaakala madaallii walitti fufaa keessatti barbaachisummaa duubdeebii ni addeessu, Kenniinsa madaallitti fufaa keessatti shaakala dandeettii barreessuutiif, wantoota gufuu ta'an ni addeessu, Shaakalli madaallii dandeettii barreessuu erga hojiirra oolee booda hordoffii, taasifameen jijjiirama mul'ate ni ibsu. Kanumarraa ka'uun ragaan karaa bargaa'ffii, afgaa'ffii barsiisotaa fi barattoota, irraa walitti qabame xiinxaluun qoratiichi rakkoolee armaan gadii kana argee jira.

- ✚ Walumaa galattii barsiisota afur fi barattootnii 64 qo'annicha irratti hirmaataniiru
- ✚ Barsiisonni barattoota mana barumsichaa shaakala dandeettii barreessuu erga barattootaaf kennaniin booda hangam duub-deebii isaan kennaan gahaa akka hin taane argisiisa
- ✚ Barattootni harki 78.1 Barsiisonni isaanii madaallii keeyyata barreessuu barattootaaf laatan darbee darbee ta'uusaa hubatameera
- ✚ Shaakala dandeettii barreessuu kannuun gaarii ta'eetu ciminaa fi hanqina qoruu dhiisuun immoo rakkina barsiisota mana barumsichaa ta'uu kana irraa hubanna.
- ✚ Barsiisonni mana barumsaa Aanaa Guutoo Giddaa kan isaan irratti xiyyeefatanii barattoota isaanii qoran keeyyata akka ta'e bargaa'ffiiin ragaa kun ni mul'isa.
- ✚ Dogoggorri qubee seeraan barreessuu dhabuu mana barumsichaa ijoo guddoo rakkinoota jiran keessaa isa duraa ta'uu isaa bargaa'fiicha irraa hubatameera. Kanaaf

ragaa kana irraa kan hubatamuu barreeffama barreessuu irrattii duraa duubaan barattootni rakkoolee dogoggora qubee, sirna tuqaalee, caas-lugaa eeguun barreessu dhabuu fi jechoota iddoo barbaachisumaa isaatti fayyadamuu dhiisuu akka ta'e mul'isu. Akkataa gaffii kanaan baay'inni barattoota hedduu ta'uun isaa kan mul'isuu rakkinni tarreeffaman kan barattoota maraallee ta'uu waan danda'uuf barataan tokko rakkina hundallee qabaachuu akka danda'etti deebii waan kennaniif dha.

- ✚ Barattootni harka caalaan gilgaalotaa shaakala dandeettii barreessuu irraatti isaanii kennamu yeroo tokko tokkoo akka hojjetan hubanneera.

5.2. Yaboo

- ✚ Hanqina walii gala raggaalee karaa bar-gaafii, af-gaafi, ragaa xiinxaluun argame kana irraa ka'uun qoratichi yaada furamaata rakkoo kaanaatiif ta'u haala yabootiin akka armaan gadii kanatti kaa'ee jira.
- ✚ Barattootni Gilgaala Barsiisonni isaaniifii kennaan seeraan akka hojjetan addumaan dandeettii shaakala barreessuu isaanii gabbifachuun nimala
- ✚ Karaa biraan barattootni shaakala dandeettii barreessuu isaanii gabbifachuuf kitaabota barreeffama barreessuuf nama kakaasan yoo dubbisan filatamaa dha
- ✚ Barsiistonii afaanii yeroo hedduu bu'uurri barataaf shaakala dandeettii barreessuu isaanii gabbisan waan ta'aniif otoo duubdeebii barataarraa fudhatanii gaarii ni ta'a

WABIILEE

- Airasian, P & Russell, M (2007). Classroom Assessment: Concepts And Applications (6th Alonge, M.F. (2004). Measurement and Evaluation in Education and Psychology Ado-Ekiti: Adedayo Printing Nigeria Ltd.*
- Baker, E.L. (1991). Trends in Testing in the United States of America. In S.H.*
- Baqqalach Baallamii (2012). " Raawwii Madaallii Walittifufaa Manneen Barnootaa Magaalaa Fiichee sad, kanhin maxxanfamme.*
- Brookhart, S. M. (1994). Teachers' Grading, Practice and Theory. Applied Measurement in Education, 7, 279–301.*
- Brown, (2007). Principles Of Language Learning And Teaching. San Francisco state University printed in the United State of America*
- Capper, M. (1996). The Meaning Of Assessment. London: Faber. (Unpublished MA Theses)*
- Chilora, H. (2003). Continuous Assessment for Standard 3: A Training Manual for Educators in Malawi. Improving Educational Quality (IEQ) Project. USAID.*
- Cohen, A. D. (1994). Assessing Language Ability in the Classroom. Boston, MA: Heinle.*
- Cone, J.D. and Foster, S.L. (1991). Training in Measurement: Always the Bribes Maid. American Psychologist 46(6) Pages 653-654.*
- Dane, F. C. (1990). Research Methods. California: Brooke. printing Hall*
- Dastaa Dassaaleny, (2013) Bu'uura Qorannoo Finfinnee: Far East Trading PLC*
- Desalegn Chalchisa (2004). Continuous Assessment in Lower Cycle Primary School. IER*
- Flambeau 12 (1) 1-9.*
- Education and Training Policy, (1994). Federal Democratic Republic of Ethiopia, Addis Ababa: St. George Printing Press.*

- Ezewu, E and Okoye, N.W (1981) *Principles and practice of continuous assessment*. Ibadan: Evans Brothers (Nig) publishers Ltd.
- Falalayo, W. (1986). *Philosophy and theory of continuous assessment*. A paper presented at a workshop for inspectors of Education in Ondo state, Nigeria. 4th December
- Harlen W (2008) *Trusting teachers judgment* In S. Swaffield (Ed.) *unlocking assessment: Understanding for reflection and application* (pp 138-153) Abingdon Ox Routhledg.
- Hopkins, D. and Harris, A. (2000). *Creating the Condition for Teaching and Learning: A Handbook of Staff Development Activities*. London: David Fulton.
- Kellaghan, T. (2001). *Using assessment to improve the quality of education*. Paris:
- Knoch, U. (2011). *Rating Scales for Diagnostic Assessment of Writing: What should they Look Like and where should the Criteria Come from? Assessing Writing*
- Madsen, H.S (1983) *Techniques in Testing* Oxford: Oup.
- Mebea Fetene (2008). "The Challenges of Implementing Continuous Oral Assessment in EFL Classes with Reference to Debre Birhan Teachers' College." A Thesis Presented to the Department of Foreign Languages and Literature (Unpublished).
- Moye, G. P. and Adediwura, A. A. (2010). *Effect of Teaching Experience on Raters' Functioning in English Language Assessment among Secondary School Students Teachers in Ondo State, Nigeria*. *Nigerian Journal of Educational Research and Evaluation*, Vol.9, No.2, pp. 104-120.
- NOE (2004) *Guide line for continuous assessment*. Addis Ababa Ethiopia. Berhane Selam Printing enterprise.
- Ojerinde, D. (2011). *Public Examinations in Nigeria*. India: Melrose Books and Publishing Ltd.
- O'leary, Z. (2004) *The Essential Guide to Doing Research*. New Delhi: Sage publications Ltd.

- O'Malley, J.M and Pierce, L, V (1996) Authentic Assessment for English Language Learners United States Of America: Addison- wesley*
- Patton, M. Q. (1990). Qualitative Evaluation and Research Methods (2nd Edn). London: Sage Publication.*
- Puhl, C. (1997). Develop, Not Judge. Forum 35/2.*
- Plessis, D.J et al (2003). Continuous Assessment: A Practical Guide for Teachers. Improving Educational Quality Project. American Institutes for Research. USAID.*
- Silashi Araggaw (2007) "The Perception and Implementation of Continuous Assessment of EFL Teachers' Education College." MA Thesis Addis Abeba University*
- Tolasaa Sabbooqaa (2008/2016) Shaakala Madaallii Walitti Fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu irratti: Haala Qabatamaa Kolleejjii Barsiisota Roobee Yun. Fin. MA Guuttannaaf hojjetame*

Dabalee A

Af gaaffii BarsiisotaafQophaa'e

- 1, Isin barsiisotni Afaan Oromoo hagam walitti fufiinsaan shaakala dandeettii barreessuu kennitu?Maaliif ?
- 2, Gosni madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuu gonfachiisan isaan kami?Maaliif?
- 3, Shaakala dandeettii barreessuu barattootaaf kenname booda duub-deebii hangam kennitu?Maaliif?
- 4, Shaakala madaallii dandeettii barreessuu barattoota gonfachiisuu irratti wantootni gufuu ta'an maal fa'i?
- 5, Madaalliin dandeettii barreessuu erga barattootaaf kennitanii booda jijjiirama dandeettii barreessuurratti mul'ate ni hordoftuu maaliif?

Dabalee B

YUUNVARSIIITII JMMAA, KOOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Bargaaffii Barattootaaf Qophaa'e

Kabajamtoota Barattootaa

Kaayyoon bargaaffii kanaa mata duree Qaaccessa Haala Raawwii Shaakala madaallii walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuutiin barattoota Manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} Ukkeefi Luugoo daree barnootaa keessatti itti fayyadaman irratti qaacceessuuf digrii 2ffaa guuttachuudhaaf qorannoo geggeessamedha. Bargaaffii kana keessatti deebiin isin gaaffilee dhiyaataniif kennitan galma ga'iinsa qorannoo kanaatiif murteessaadha. Odeeffannoon isin gaaffilee kanneeniif kennitan hundi isaanii kan qorannoo kanaaf qofa oolaniidha. Akkasumas, qorannoo kanaaf deebiin isin kennitan iccitiin isaa gama qorataatiin eeggamaadha.

Hubachiisa: Maqaa keessan barreessuun hinbarbaachisu.

Deeggarsa qorannoo kanaaf taasifan hundaaf dursee isin galateeffadha.

1. Barsiisonni keessan shaakala dandeettii barreessuu Afaan Oromoo hagam isiniifkennuu?

1, Yeroohunda 2. Darbee darbee 3. Hin kennani

2. Barsiisonni keessan shaakala dandeettii barreessuu erga isiniif kennanii booda hagam duubdeebii isiniif kennuu?

1, Yeroohunda 2. Darbee darbee 3. Hin kennani

3. Barsiisonni keessan irra caalaa seer-luuga moo keeyyata barreessuu isin qoru?

1, Seer-luuga 2. Keeyyata 3. Lamaansaa

4. Barsiisonni keessan erga shaakala dandeettii barreessuu isinii kennanii booda bakka ciminaafi hanqina keessan adda baasanii isinitti himu?

1.yeroo hundaa2. Darbee 3. Hin kennan

5.Yennaa barreeffama barreessitu rakkinni irra calaatti si mudatu isa kami?

- A. Jechoota iddoo sirrii ta'eetti fayyadamuu dhabuu
- B. Caas-luuga aafanichaa eeguun barreessuu dhabuu
- C. Sirna tuqaalee iddoo barbaachisu hundaatti fayyadamuu dhabuu
- D. Dogogora qubee malee barreessuu dadhaabuu
- E. Kan biraa yoo jiraatee-----

6. Gilgaalotaa ogummaa barreessuu irraatti siif kennamu hojjettee ni dhiyyeessita?

- A. Yeroo baay'ee naan dhiyyeessaa
- B. Yeroo tokko tokko naan dhiyyeessa.
- C. Murteessuun naa rakkisaa
- D. Gonkumaa hin hojjedhu

7. Barraffama akka barreessitan yemmuu ajaajmtan mata duree eenyuun filatama?

- A. Barsiisaadhaan
- B. Barsiisaa fi barataan
- C. Kan kitaabarra jirurraatti
- D. Barattootaatu dhunfaan filaata
- E. Barattoonni gareen ta'uudhaan

8. Barsiisaa barsiiftuun kee shaakala barreeffamaa haala kitaabni barnootaa kee affeeruun abbaltii, battallee, qormaataa, hojii garee hangama siif kenna/kenniti?

- A.yeroo hunda B. yeroo baayyee C. yeroo muraasa D. baayyee muraasa

9. Gilgaalota akka waa barreessuu shaakaltan hangam xiyyeeffnnoon sin shaakalchiisa?

- A. baay'ee gaariidha B. gaariidha C. xiqqaadha D.baay'ee xiqqaadha

10. Beekumsa dandeettii barreessuu hangam qabda? A. baay'ee gaariidha B. gaariidha C. xiqqaadha D.baay'ee xiqqaadha